# Afaan Oromoo

## (Akka Afaan Lammaffaatti)

## Qajeelchaa Barsiisotaa

## Kutaa 6


**Barreessitoota**

Darajjee Raggaasaa

Mitikkuu Dibbeessaa

**Gulaaltota**

Damee Abarraa

Fiqiruu Kitilaa

Waaqumaa Waamii

**Madaaltota**

Abdiisaa Gannatii

Daastaa Taaddagaa

**Giraafiksii**

Taaddasaa Dinquu



**Biiroo Barnootaa Oromiyaa 2014/2022**

© Biiroo Barnootaa Oromiyaa, 2014/2022

Kitaabni kun walta’iinsa Biiroo Barnootaa Oromiyaafi Kolleejjii Barnoota Barsiisotaa Jimmaatiin bara 2014/2022 qophaa’e.

Mirgi abbummaa kitaaba kanaa seeraan eeggamaadha. Hayyama Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin ala guutummaanis ta’e gartokkeen maxxansiisuus ta’e baay’isanii raabsuun seeraan nama gaafachiisa.

# Baafata

Mataduree Fuula

**Seensa Waliigalaa** .......... iv
Boqonnaa 1: Nagaa Walgaafachuu.......... 1
Boqonnaa 2: Maatii .......... 10
(Wayitii 10).......... 10
Boqonnaa 3: Galgaleefi Mana barumsaa Ishee.......... 19
Boqonnaa 4: Sheekkoo.......... 25
Boqonnaa 5: Meeshaalee Manaa.......... 34
Boqonnaa 6: Sheekkoo.......... 42
Boqonnaa 7: Halluu .......... 51
Boqonnaa 8: Iddoo.......... 57

## Seensa Waliigalaa

Qajeelchi barsiistotaa kun barnoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barsiifamuuf barsiistota qajeelchuuf kan qophaa'edha. Sirni barnootaa Afaan Oromoo kutaa $6^{ffaa}$ haaraan, silabasii Ministeerri Barnootaa Hammattoo Sirna Barnootaa Barnoota Waliigalaa Itoophiyaa qopheesserraa gara qabatama naannoo Oromiyaatti akka madaqu taasisuun kan qophaa'eedha.

Xiyyeeffannoon sirna barnootaa kanaa barattoonni danddeettiiwwan afaanii kanneen ijoo ta'an (dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuu, barreessuu) horachuun/dagaagfachuun afaanichaan barreeffamaafi dubbiin akka waliigalteef itti fayyadaman taasisuudha. Haaluma kanaan, kaayyoo ijoon sirna barnootaa Afaan Oromoo kutaa $6^{ffaa}$ kun barattoonni akka barattoota afaan lammaffaatti dandeettii, beekumsaafi gahumsa afaan lammaffaarratti gulantaa kanatti barbaachisu akka gonfatan gochuun jiruufi jireenya keessatti akka itti fayyadamniifi jiruufi jireenya isaanii keessatti akka milkaa'an taasisuudha.

Kaayyoo kana haala barbaadamuun galmaan gahuuf kitaaba barattootaa boqonnaalee gurguddoo saddeetitti qooduun bifa dandeettiiwwan afaanii isaan ijoofi xixiqqaa gonfachiisuu danda'amuun qophaa'eera.Tokkoon tokkoon boqonnaa jalatti ammoo, barannoowwan adda addaatu jiru. Isaanis, dhaggeeffachuufi dubbachuu, dubbisuu, barreessuu, fayyadama jechootaa, caaslugaa, afoola fa'i.

Qajeelchi barsiisaas kaayyoo, qabiyyee, mala baruufi barsiisuuirratti odeeffannoo ga'aafi barbaachisaa ta'an dhiyeessuun kitaaba barattootaatti fayyadamuufi Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barsiisuuf haala mijeessa.Barsiisonnis hanga danda'ametti tooftaalee sissi'eessaa garagaraatti

fayyadamuun barnoonni gammachiisaafi bu'a qabeessa ta'uu isaa barattoonni akka hubatan taasiisuu qabu.

**Dandeettiiwwan afaanii**

**I) Dhaggeeffachuufi Dubbachuu**

Barnoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratamu keessatti dandeettiin dubbachuufi dhaggeeffachuu xiyyeeffannoo guddaa argachuu qabu. Bu'uuruma Kanaan, kitaaba kana keessatti shaakala adda addaa jalatti dhiyaatanii jiru.Kitaaba barattootaa keessatti gilgaalonni garagaraa dandeettiiwwan kana shaakalsiisuuf dhiyaatanillee, barsiisonni kana qofarratti osoo of hindaangessin shaakala garagaraa qopheessuun (waliin dubbii garagaraa qopheessuun) ogummaawwan akka gabbifatan taasisuun barbaachisaadha.

Barsiisaan Afaan Oromoo kanneen armaan gadii keessatti akka barattoonni dammaqinaan qooda fudhatan jajjabeessuu qaba.

- Afaanichaan barattoota fuuldura ba'anii bilisaan dubbachuu shaakalsiisuu
- Marii garee
- Sagantaa gaaffiifi deebii keessatti qooda fudhachiisuu
- Falmii gaggeessuufi kanneen kana fakkaatan

**II) Dubbisuufi Barreessuu.**

Barattoonni barnoota afaan lammaffaa keessatti ogummaawwan dhaggeeffachuu,dubbachuu, dubbisuufi barreessuu sagantaa idilee keessatti mana barumsaatti shaakaluu eegalu. Kanaafuu, waa'ee ogummaawwan kanneen ilaalchisee muuxannoon isaan qaban muraasa yookaan hinjiru waan ta'eef, brattoonni ittiin of gammachiisuufis ta'ee shaakala dareetti taasifamu

keessatti carraa dhagaggeeffachuu,dubbachuu, barreessuufi dubbisuu wal-qabate argachuu qabu. Haalli barattoonni daree keessatti sagalee ol fuudhaniifi callisaan dubbisan jiraachuun barbaachisaadha.

Akkasumas, akka barattoonni barruu kalaqaa garagaraa kanneen akka seenessaa, faaruu, sheekkoo, xalayaafi asoosama gabaabaa dubbisuu jalqabarraa kaasee jajjabeessuun ga'ee barsiisotaati.

**Mala baruu barsiisuu waliigalaa**

Malli baruu barsiisuu waliigalaa filatamaan kan barattoota giddu-galeessa taasifateefi hirmaachisaa ta'edha. Barsiisonni akka barattoonni hirmaatan kan haala mijeessan malee kan ofii waa mara dhiyeessan miti. Kun ammoo, akka barattoonni ogummaawwan barbaachisoo ta'an wal simsiisanii akka gabbifatan kan taasisuudha. Malleen baruu barsiisuu kanaa gaditti dhiyaataniifi malleen si'aayinaan barachuu biroos fayyadamuun nidanda'ama.

- Marii……
- Gaaffiifi deebii
- Hojii garee
- Agarsiisuu
- Mala jechaafi gochaan agarsiisuu
- Falmii
- Diraama
- Gahe Taphachuu

**Mala Marii**

Malli kun marii barattootaafi barsiisaa akkasumas, barattootaafi barattoota gidduutti yaada wal jijjiiruun akka geggeeffamu taasisa. Barsiistonni mata duree dhiyeessuun akka barattoonni irratti mariiyatanii yaada itti laatan,

falman, deebii laatan, mormaniifi deeggaran taasisa.Marii isaanii kanas niqindeessa.Kun ammoo, barattoonni ogummaawwan gurguddoo afaanii cinatti ogummaa gadi fageenyaan yaaduu, ogummaa gareefi namootaan waliin hojjechuufi ogummaa yaada dhiyeessuu akka gabbifatan gargaara.

**Mala Gaaffiifi Deebii**

Mala kana keessatti barsiisonni gaaffiiwwan garagaraa fayyadamuun shaakala dhiyaateef akka barattoonni ogummaawwan barbaachisan gabbifatan taasisa. Gaaffiiwwan barattoonni kaasaniis nideebisu. Barsiisonni akka barattoonni karaa garagaraatiin yaaduun qabiyyees ta'e uunkaa barnootaa argaan irratti gaaffii kaasan jajjabeessuun haala mijeessa.Barsiisonni gaaffiiwwan akka barattoonni yaada kaasan taasisuu ykn gaaffiiwwan deebii tokkoofi tokkoo ol qabachuu danda'an haala barbaachisaa keessatti gaafachuun dhimma itti baha.

**Mala Jechaafi Gochaan Dhiyeessuu**

Asitti barattoonni sochaalee qaama isaanii dhimmichaan walitti qindeessuun dhiyeessuuf qindaa'u. Gilgaalonni haala kanarratti qophaa'an walaloo, hibboofi jechoota dubbachuurratti arraba namaa sakaalan dhiyeessuun barsiisotas ta'ee barattoonni dhimma itti bahu.Barsiisonni akka barattoonni gareen yookaan cimdiin akkasumas dhuunfaan dhiyeessan affeeruun filannoon akkasii kenamuufii qaba.

**Hojii Garee (Marii)**

Hojjin garee mala baratoonni gareedhaan ta'uun dhimma kennameef tokkorratti yaada mataa isaanii mormuun yookaan deeggaruun itti ibsaniidha.

# Boqonnaa 1: Nagaa Walgaafachuufo Of-beeksisuu

(Wayitii 10)

**Seensa**

Boqonnaa tokkoffaan kun qabiyyeewwan Nagaa Walgaafachuu kan jedhurratti xiyyeeffata. Nagaa walgaafachuu keessatti barattoonni waaree duraafi waaree booda wayita nagaa nama gaafatan jechoota itti gargaaraman adda baasanii akka itti fayyadaman kan kallatti agarsiisudha. Akkasumas, namoota hiriyyoota isaanii ta'aniifi namoota kabajan yoo nagaa gaaafatan jechoota itti fayyadaman adda baasanii akka beekan kan taasisudha.

Dabalataanis, xiyyeeffannoon boqonnaa kanaa barattoonni jechoota keessatti sagalee dheeraa, gabaabaa, laafaafi jabaa akka addaan baafatan kan shaakalsiisudha. Akkasumas, fakkiilee ilaaluun maqaa fakkiilee sanaa barreessuufi maqaa fakkiileefi fakkii walitti firoomsuun beekumsa fayydama jechootaa akka gabbifatan kan gargaarudha. Kana hojiirra oolchuufis gilgaalonni adda addaa dhiyaataniiru. Barsiisonni akkaataa itti barattoota shaakalsiisuu qaban qajeelcha barsiisotaa kana keessatti tokkoo tokkoo gilgaalaa jalatti qajeelfamni ifa ta'e waan dhiyaateef, barsiisonni haala qabatamaa daree sanaatiin itti fayyadamuun raawwachuun barbaachisaadha.

**Bu'aalee Barachuu**

Xumura barannoowwan boqonnaa kannatti, barattoonni:

- bilbila gargaaramuun waliin dubbii nitaasisu;
- waa'ee mataa ofii ibsuu nidanda'u;
- jechoota sagalee gabaabaa/dheeraa, laafaa/jabaa qaban adda nibaafatu;
- jechoota sagalee gabaabaa/dheeraa, laafaa/jabaa nibarreessu;
- maqaa meeshaale qonnaa aadaa nibarreessu;
- maqaalee dhuunfaafi waliinii adda nibaasu.

**Qabiyyee**

Dhaggeeffachuufi dubbachuu (Wayitii 3)

Dubbisuu (Wayitii 2)

Fayyadama jechootaa (Wayitii 1)

Barreessuu (Wayitii 3)

Caasluga (Wayitii 1)

## Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi dubbachuu (Wayitii 3)

Barannoo kanaa keessatti, barattoonni:

- nagaa wal gaafachuu nishaakalu;
- yeroo irraatti hundaa'uun jechoota nagaa walgaafannaaf oolan adda baasanii itti gargaaramu;
- nagaa gaafannaa keessatti jecchoota nama kabajaniifi hiriyyaaf gargaaraman adda nibaasu.

**Gahee barsiisaa/tuu**

**Gilgaala 1**

- Shaakala kana keessatti jalqaba barattoonni lama, tokko akka Taliilee tokko immoo akka Jiituu, ta'anii olka'anii dubbisaa irra deddeebi'anii akka dubbisuun shaakalan taasisuudha. Itti aansuun, osoo hindubbisiin bakka Jiituufi Taliilee maqaa walii waamuun akka shaakalan tasisuudha.
- Barattoonni wayita shaakalan jechoota tokko tokko waamuun (jechuun) kan isaan rakkisu yoo jraate, hordofuun deeggarsa kennuun

barbaachisaadha. Kana bu'uura godhachuun barattoonni hunduu bakka jiranitti lama lama ta'anii dubbisaa akka shaakalan taasisuu.

- Itti aansuun, immoo osoo hindubbisiin maqaa walii isaanii waamanii akka gahee taphachuun shaakalan taasisuu barbaachisaadha..

**Gilgaala 2**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- barattoonni kitaaba isaanii irratti kan dhiyaate irra deddeebi'anii bifa akkeessuun qomatti qabachuu akka shaakalan gochuu;
- ergaa isaas akka himuu qaban yaadachiisuun jajjabeessuu;
- barattoonni gareen mariyachaa akka deebisan gochuu;
- yeroo barattoonni mariyata hordofuun deeggarsa barbaachisu gochuu;
- barattoonni waan irratti walii galan dareef akka ibsan taasisuu,
- deebii barattoonni kennaniif duubdeebii kennuu.

**Deebii**

1. Jiituu
2. ganama
3. obboleessa Taliileeti
4. Nagaan bultee?
5. Nagaan ooli?

**Gilgaala 3A**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- barattoonni cimdiin ta'anii himoota nagaa walgaafachuu hinxumuramiin jechoota kennaman itti guutuun akka xumuran lama-lamaan gurmeessuu,

- erga xumuranii booda, tokko akka Obsee, tokko immoo akka barsiisaa ta'anii akka shaakalan taasisuu,
- yeroo mariifi shaakala isaanii hordofuun duubdeebii kennuu;
- dhumarratti, deebii isaanii dareef akka dubbisan gochuu.

**Deebii**

Barsiisaa: Nagaa ***oolte*** Obsinaan.

Obsee: Nagaa kooti. ***Isin*** nagadhaa?

Barsiisaa: Maatiin kee hunduu nagaa ***isaanii***tii**?**

Obsee: Hundi isaaniituu nagaadha.

Barsiisaa: Tole; nagaan ***buli***.

Obsee: Tole; isinis nagaan ***bulaa***.

**Gilgaala 3B**

**Gahee barsiiisaa/tuu**

- barattoonni gilgaala 3ffaa waliin hojjetan tokko akka barsiisaa tokko immoo akka Obsee ta'uun dabareen wal jijjiiranii nagaa walgaafachuu akka shaakalan taasisuu;
- barattoonni waan shaakalaaf kennameef sirnaan shaakalaa jiraachuu isaanii sirriitti hordofuufi deeggaruu;
- duubdeebii kennuu.

**Gilgaala 4**

**Gahee Barsiisaa/tuu**

- barattoonni moodeela of ibsuu kitaaba isaanii keessatti dhiyaateef jalqaba dhuunfaan dubbisanii akka hubatan taasisuu;
- itti aansuun, bakka duwwaa kenname odeeffannoo waa'ee isaanii galchuun akka of ibsan taasisuu;

- moodeela of ibsuu dhiyaaateen alattis, barattoonni bifuma walfakkaatuun akka of ibsan taasisuun haala mijeessuun nidanda'ama;
- dhumarratti duubdeebii kennuu.

## Barannoo 2: Dubbisuu (Wayitii 2)

Barannoo kanaa keessatti, barattoonni:

- jechoota sagalee dheeraafi gabaabaa adda baasanii nidubbisu;
- jechoota sagalee dheeraafi gabaabaa adda baasanii nibarreessu;
- jechoota sagalee laafaafi jabaa qaban adda baasanii nidubbisu;
- jechoota sagalee laafaafi jabaa qaban adda baasanii nibarreessu.

**Gilgaala 5A**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- jechoota saanduqa keessatti kennaman sagalee ol kaasuun akka dubbisaniifi sagalee dheeraafi gabaabaa adda baasan gochuu;
  - ✓ sagalee gabaabaan jecha keessatti dubbachiiftuu tokkoon kan barreeffamuufi sagaleen dheeraan immoo, dubbachiiftuu lamaan akaakuun tokkoo walitti aanee kan barreeffaman ta'uu fakkeenya kenname itti agarsiisuun hubachiisuu;
- jechoota dhiyaatan keessaa kanneen sagalee dheeraafi gabaabaa qaban akka addaan fo'anii gabatee keessatti barreessan fakkeenya kennuun agarsiisuufi ibsuu;
- jechoota barreessaniif hiika akka kennan jajjabeessuu;
- dhuunfaan akk hojjetan gochuu;
- dhumaratti, duubdeebii kennuu.

**Deebii**

| tl. | jechoota sagalee gabaabaa | jechoota sagalee dheera |
|---|---|---|
| 1 | Lafa | laafaa |
| 2 | ana | aanaa |
| 3 | gara | moofaa |
| 4 | Ija | raafuu |
| 6 | Laga | boonaa |
| 7 | Bona | aadaa |
| 8 | Nafa | daaraa |
| 9 | Muka | |
| 10 | Tabba | |

**Gilgaala 5B**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- jechoota saanduqa keessatti kennaman sagalee ol kaasuun akka dubbisaniifi jechoota sagalee laafaafi jabaa qaban akka adda baasan gochuu;
    - ✓ sagalee laafaan jecha keessatti dubbifamaa akaakuu tokkoo tokko qofti kan walitti aanee barreeffamuu yoo ta'u, sagaleen jabaan immoo dubbifamaa lama gosti tokko walitti aanee kan barreeffaman ta'uu fakkeenya kenname itti agarsiisuun hubachiisuu;
- jechoota dhiyaataniif keessaa kanneen sagalee laafaafi jabaa qaban akka addaan fo'anii gabatee keessatti barreessan fakkeenya kennuun agarsiisuufi ibsuu;
- dhuunfaan akka hojjatan gochuu;
- dhumarratti, duubdeebii kennuu.

**Deebii**

| TL | Jechoota sagalee laafaa qabu | Jechoota sagalee jabaa qabu |
|---|---|---|
| 1 | Mataa | soddaa |
| 2 | Lama | maddii |
| 3 | siree | saddeet |
| 4 | nyaara | sammuu |
| 5 | dhibee | dibbee |
| 6 | Jilba | damma |
| 7 | Sadii | adurree |
| 8 | Saamuu | biyya |
| 9 | Waadaa | |
| 10 | Dhadhaa | |

## Barannoo 3: Barreessuu (Wayitii 3 )

Barannoo kanaa keessatti, barattoonni:

- jechoota sagalee dheeraafi gabaabaa adda baasanii nibarreessu
- jechoota sagalee laafaafi jabaa adda baasanii nibarreessu.

**Gahee barsiisaa/tuu**

- barattoonni jalqaba dhuunfaan akkaa barreessan, itti aansuun, immoo hiriyyaa isaanii waliin akka walbira qaabanii waliif ilaalan taasisuu;
- yeroo barattoonni hojjatan jidduu isaanii deddeemuun hordofuufi deeggarsa kennuu;
- dhumarratti, duubdeebii kennuu.

**Deebii: gilgaala 6A**

1. qooda
2. saame

3. gaara
4. maala
5. gaara
6. laagaa
7. dhiibe

**Deebii gilgaala 6B**

1. qallate
2. soddaa
3. ballaa
4. gadda

## Barannoo 4: Fayyadama Jechootaa (Wayitii 1)

Barannoo kanaa keessatti, barattoonni:

- maqaa meeshaalee qonnaa aadaa nidubbisu;
- maqaa meeshaaleefi meeshaalee walitti nifiroomsu;

**Gilgaala 7**

**Gahee Barsiisaa/tuu**

- barattoonni dhuunfaan akka walitti firoomsan haala mijeessuu,
- duubdeebii kennuu

**Deebii**

| | | |
|---|---|---|
| 1. E | 3. A | 5. B |
| 2. C | 4. D | |

## Barannoo 5: Caasluga (Wayitii 1)

Barannoo kanaa keessatti, barattoonni:

- maalummaa maqaalee dhuunfaa adda nibaasu;
- jechoota maqaalee dhuunfaa agarsiisan adda nibaasu.

**Gilgaala 8**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- maqaan dhuunfaa maala akka ta'e fakkeenya dabalataa kennuun ibsuu;
  - ✓ maqaan dhuunfaa kan namni, bakki ykn wanti tokko dhuunfaan ittiin waamu;

Fakkeenyaaaf, maqaa biyyaa (Itoophiyaa) ardii (Arikaa), laga (Awaash), namaa (Hawwii), … ta'uu danda'a.

- barattoonni dhuunfaan erga hojjetanii booda, gareen akka irratti mariyatan tasisuu;
- dhumarratti, duubdeebii kennuu.

**Deebii**

Barattoonni maqaalee dhuunfaa beekan ibsuu danda'u. Haata'u malee, akaakuu maqaa biroo waliin akka waljalaa hinmakne xiyyeeffannoon hordofuun barbaachisaadha.

# Boqonnaa 2: Maatii

**(Wayitii 10)**

**Seensa**

Boqonnaa lammaffaa kana keessatti dubbisuu shaakalsiisuuf mata dureen **Maatii** jedhu dhiyaateera. Barattoonni gilgaalota garagaraa jalatti qabiyyeewwan kanneen akka sagalee dheeraafi gabaabaa, laafaafi jabaa, hudhaa, irrabutaafi maqaalee waliinii akka dubbisan, barreessaniifi hima keessatti akka itti fayyadaman qophaa'ee jira.

Akkasumas, fakkiilee ilaaluun maqaa fakkiilee sanaa barreessuufi maqaa qaamolee namaa akka adda baasaniifi barreessan taasisuun qabxii xiyyeeffannaa boqonnaa kanaati. Barsiisonni akkaataa itti barattoota shaakalsiisuu qaban qajeelcha barsiisotaa kana keessatti tokkoo tokkoo gilgaalotaa jalatti qajeelfamni ifa ta'e waan jiruuf, kallattiiwwan kana hordofuun haala qabatamaa jiruun raawwachuun barbaachisaadha.

**Bu'aalee Barachuu**

- jechoota sagalee gabaabaa/dheeraa, laafaa/ jabaa qaban dhaggeeffatanii adda baasu;
- kutaalee nafa namaa jecha/himaan ibsuu nidanda'u;
- jechoota hariiroo waliin qaban walitti firoomsu;
- jechoota sagalee laafaa/jabaa, hudhaafi irra butaa nibarreessu;
- maqaalee meeshaa qonna ammayyaa adda baasanii ni'ibsu;
- jechoota maqaa waliinii ta'an adda baasanii nihimu.

**Qabiyyee**

Dhaggeeffachuufi dubbachuu (Wayitii 3)

Dubbisuu (Wayitii 2)

Fayyadama jechootaa (Wayitii 1)

Barreessuu (Wayitii 3)

Caasluga (Wayitii 1)

## Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi dubbachuu (Wayitii 3)

Barannoo kanaa keessatti, barattoonni:

- jecha keessatti sagalee dheeraafi gabaabaa dhaggeeffatanii adda nibaasu;
- jecha keessatti sagaleewwan laafaafi jabaa dhaggeeffatanii adda nibaasu;
- maqaalee nafa namaa nihimu

**Gilgaala 1**

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- Sagalee dheeraafi gabaabaa, akkasumas sagalee laafaafi jabaa akkamitti akka dubbifamuufi dubbatamu barattoota yaadachiisuu;
- gilgaala '1A'fi '1B'tiif jechoota asii gadii jalatti kanneen yeroo sadii qalbiidhaaan (suutaan) barattootaaf dubbisuu;

**Gilgaala 1A**

| | | | |
|---|---|---|---|
| xaafii | daakuu | daaraa | harma |
| buna | laga | harka | |
| moofaa | damma | waadaa | |

**Gilgaala 1B**

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| akkoo | fira | haadha | adaadaa | finna |
| maatii | abbaa | lammii | wasiila | soddaa |

- barattoonni dhaggeeffachaa erga barreeffatanii booda, hojii isaanii hiriyyaa isaanii waliin akka waljijjiiraniifi duubdeebii waliif kennan haala mijeessuu;

- dhumarratti deebii sirrii gabatee gurraacha irratti barreessuu;
- gilgaala 1c irratti barattoonni fakkii kitaaba isaanii irratti dhiyaate ilaaluun maqaa qaama namaa barreessuun akka lama lamaan walitti himan taasisuu;
- dhumarratti, duubdeebii kennuu.

**Deebii Gilgaala 1**

A. **<u>Jechoota sagalee gabaabaa</u>** **<u>Jechoota sagalee dheeraa</u>**

| Jechoota sagalee gabaabaa | Jechoota sagalee dheeraa |
|---|---|
| 1. laga | xaafii |
| 2. buna | daakuu |
| 3. harma | daaraa |
| 4. harka | waadaa |
| 5. damma | aadaa |

B. **<u>Jechoota sagalee laafaa</u>** **<u>Jechoota sagalee jabaa</u>**

| Jechoota sagalee laafaa | Jechoota sagalee jabaa |
|---|---|
| 1. fira | akkoo |
| 2. haadha | abbaa |
| 3. adaadaa | lammii |
| 4. hintala | |
| 5. ilma | |

C. Maqaa qaamolee namaa fakkii ilaalanii barreessuu

| | |
|---|---|
| 1. rifeensa mataa | 5. hojjaa |
| 2. ija | 6. gurra |
| 3. harma | 7. afaan |
| 4. qubaharkaa | 8. jilba |

## Barannoo 2: Dubbisuu

Barannoo kanaa keessatti, barattoonni:

- dubbisa dhiyaate dubbisanii yaada isaa nihimu;
- maqalee misensota maatii nitarreessu.

**Gilgaala 2**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- barattoonni dubbisa dhiyaate osoo hindubbisiin dura gaaffilee dubbisuun duraa akka afaaniin deebisan taasisuu;

**Deebii**

Gaafileen dubbisuun duraa deebii murtaawaa hinqaban.Barattoonni waan itti fakkaate deebisuu danda'u. Haata'u malee, deebii barattoonni kennan irratti ibsa ykn duubdeebii kennuun barbaachisaa miti

**Gilgaala 3**

- dubbisa dhiyaate osoo hindubbisiin dura gaaffilee yeroo dubbisuu dursanii dabtara isaanii irratti akka barreeffataniifi hubatan taasisuu;
- dububbisa dhiyaate callisaafi saffisaan dubbisaa gaaffilee yeroo dubbisuuf dhiyaatan akka deebisan taasisuu;
- deebii isaanii kan hiriyyaa isaanii waliin akka walbira qabanii ilaalan taasisuu;

**Deebii**

1. hidhatinsa
2. miseensota
3. haadha manaafi abbaa manaa
4. A

**Gilgaala 4**

**Gahee barsiisaa/tuu:**

- barattoota dhuunfaan akka deebisan gurmeessuu;
- yeroo barattoonni hojjetan hordofuu;
- dhumarratti, duubdeebii barattootaaf kennuu.

**Deebii**

Muuxannoo isaanii irraa ka'uun deebii caatoo kana keessatti kennameen alattis deebisuu danda'u.



**Gilgaala 5**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- barattoonnni waliin mariyatanii akka deebisaniif garee miseensa nama 5 qabuun gurmeessuu;
- marii isaanii booda, yaada isaanii akka dareef ibsan jajjabeessuufi haala mijeessuu;
- duubdeebii kennuu

## Barannoo 3: Barreessuu

Barannoo kanaa keessatti barattoonni:

- jechoota hudhaa of keessaa qaban nibarreessu;
- jechoota irrabutaa of keessaa qaban nibarreessu;
- fakkii ilaaluun qubee jecha keessaa hafe guutanii barreessu.

**Gilgaala 6A**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- maalummaa hudhaafi irra butaa irratti ibsa gahaa kennuun barattoonni akka hubannoo argatan taasisuu;
- jalqaba, gaaffii gilgaala 6A jala jiran dhuunfaa dhuunfaa isaaniitiin jechoota hudhaa qaban qofaatti, kanneen irra butaa qabanis adda baasuun qofaa qofaatti akka barreessan qajeelfamaafi fakkeenya ifaa kennu;
- barattoonni hubachuu irratti kan rakkatan yoo ta’e fakkeenya dabalataa kennuun ibsuu;

- dhuunfaan erga barreessanii booda, deebii isaanii gareen akka waliibira qabaniifi yaada waljijjiiran taasisuu,
- dhumarratti, deebii sirrii gabatee irratti barreessuu akka mirkaneeffatan taasisuu.

**Deebii**

| **Irrabutaa** | **hudhaa** |
|---|---|
| 1. ilma | 1. re'ee |
| 2. arba | 2. bu'aa |
| 3. morma | 3. mo'oo |
| 4. kolfa | 4. ce'e |
| 5. korma | 5. dha'e |
| **6.** marga | 6. machaa'e |

## Barannoo 4: Fayyadama Jechootaa

Barannoo kanaa keessatti barattoonni:

- fakkiifi maqaa fakkii walitti nifiroomsu;.

**Gilgaala 7**

**Gahee Barsiisaa/tuu**

- barattoota gareewwan miseensota nama shan qaban gurmeessuu;
- miseensota keessaa walitti qabaafi barreessaa moggaasuun yeroo itti hojjetanii xumuran kennuu;
- deebii isaanii akka dareetti himan taasisuu;
- duubdeebii kennuu

Deebii.

1. E
2. D
3. B
4. A
5. C

## Barannoo 5: Caasluga

Barannoo kanaa keessatti, barattoonni:

- ✍ maqaa waliinii addaan nibaafatu;
- ✍ maqaalee waliinii beekan nitarreessu.

**Gilgaala 8**

**Yaadannoo:** maqaa waliinii jechuun maqaa waantonni walfakkaatan ittiin waamaman jechuudha.

Fakeenyaaf, jechi 'saree jedhu maqaa waliiniiti. Sababni isaa, sareen hundi kan waliin ittiin waamaman waan ta'eef. Garuu, sareen tokko dhuunfaatti maqaa ittiin waamamu yoo qabaate, maqaan sun maqaa dhuunfaa jedhama.

**Gahee Barsiisaa/tuu**

- maqaan waliinii maal akka ta'e qabatamaan wantoota barattoonni beekan fakkeenya baay'yee kennuun ibsuu,
- gareewwan miseensota namoota shan shan qabu gurmeessuun gahee hojii kennuufii;
- deebii isaanii akka dareef himan haala mijeessuu,
- duubdeebii kennuu.

Deebii

Gilgaala 8A

1. muka
2. ji’a
3. biyya
4. magaalaa
5. laga
6. ganda
7. tulluu

**Gilgaala 8B**

Deebii gilgaala kanaa ilaalchisee, barattoonni waan naannoo isaaaniitti beekan deebisuu danda’u.Haata’u malee gosoota maqaa kanneen biroo waliin akka waljalaa hindhoofneef hordofuun duubdeebii kennuun barsiisaa/turraa eegama.

# Boqonnaa 3: Galgaleefi Mana barnootaa Ishee

(Wayitii 10)

**Seensa**

Boqonnaan kun mata dureen isaa 'Galgaleefi Mana barnootaa Ishee ' kan jedhudha. Boqonnaa kana keessatti, barattoonni dubbachuufi dhaggeeffachuu akka shaakalan irratti kan xiyyeeffatudha. Bal'inaan dhaggeeffatanii himuu, dalagaalee torban torbaniin manaafi mana barnootaa keessatti hojjetan ibsuu, keeyyaata himoota sasalphaa irraa ijaarame qajeelchanii dubbisuu, jechoota dalagaalee guyyaa guyyaan walqabatan fayyadamanii himoota ykn keeyyata gabaabaa ijaaruufi jechoota qaamolee bishaanii ibsan adda baafatu. Dandeettiiwwan kanneen akka horataniifi beekumsa isaanii akka gabbifataniif gilgaalonni adda addaa qophaa'anii jiru. Kana malees, hubannoo barattootaa cimsuuf, fakkeenyi adda addaa kennamaniiru. Kanaafuu, barattoonni haala yaadameen akka hubachuu danda'an barsiisonni qabxiiwwan ka'umsaaf qajeelcha barsiisotaa kana keessatti eeraman ka'umsa godhachuun haala qabatamaa jiruun hojiirra oolchuun barbaachisaa ta'a.

**Bu'aalee barachuu**

**Xumura boqonnaa kanaatti barattoonni:**

- odeeffannoo dhaggeeffatan irra deebi'anii nihimu;
- dalagaalee torban torbaniin manaafi mana barnootaa keessatti raawwatan irratti waliin nimariyatu;
- himoota sasalphaa keeyyaata keessa jiran qajeelchanii nidubbisu;
- jechoota dalagaalee guyyaa guyyaatiin walqabatan fayyadamuun himoota ykn keeyyata gabaabaa nibarreessu;
- jechoota qaamolee bishaanii ibsan adda baafatu;
- gochaalee yeroo ammaa raawwataa jiran ni'ibsuu.

**Qabiyyee**

1. Dhaggeeffachuufi dubbachuu (Wayitii 3)
2. Dubbisuu (Wayitii 2)
3. Fayyadama jechootaa (Wayitii 1)
4. Barreessuu (Wayitii 3)
5. Caasluga (Wayitii 1)

## Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Barannoo kanaa keessatti barattoonni:

- odeeffannoo dhaggeeffatan deebisanii nihimu;
- dalagaaleen fakkii irratti ilaalan yeroo akkamii akka raawwatamu nihimu;

**Gilgaala 1**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- barattoonni gaaffilee yeroo dhaggeeffachuu dabtara isaaniirratti akka barreeffataniifi hubatan gochuu;
- yoo dubbifamuuf , barattoonni sirriitti akka dhaggeeffatan jajjabeessuu;
- dubbisa armaan gadii jalqabaa saffisaan dubbisuun barattoonni akka callisanii dhaggeeffatan gochuu;
- yeroo lammaffaa barattoonni deebii guutaa akka dhaggeeffatan gochuu;
- sadaffaarratti deebii isaanii mirkaneeffachaa akka dhaggeeffatan gochuu;

- erga dhaggeeffatanii booda, lama lama ta’anii odeeffannoo dubbisichaa gabaabaan akka walitti himan taasisuu;
- odeeffannoo argatan hagam sirriitti walitti himaa akka jiran hordofuu;
- dhumarratti, duubdeebii kennuun gara itti aanutti darbuu.

## Galgaleefi Mana Barnootaa Ishee

Galgaleen mana barnootaa ishee baay’ee jaallatti. Sababni isaa, manni barnootaa ishee oolmaa baay’ee waan ooleef. Afaan isheetiin barattee akka barreessituufi dubbiftu ishee taasiseera. Karaa gumii Aadaafi Afaaniitiin aadaafi safuu ishee akka sirriitti beektuuf carraa uumeeraaf. Dabalataanis, manni barnootaa ishee akaakuu barnootaa garagaraan tuutooriyaalii akka kennamu waan taasiseef, barnoota isheetti akka cimtu ishee gargaareera.

Mana barnootaa ishee akka jaallattu kan taasise inni biroon, hiriyyoota baayyee argachuu isheeti. Hiriyoota ishee kan waliin taphattu, qo’attuufi walgorsan waliin akka walbaran carraa kan uumeef mana barnootaa isheeti.

Walumaagalatti, manni barnootaa ishee beekumsa adda addaa akka horattu ishee taasiseera.Hiriyyoota jaalattus akka argattu carraa uumeeraaf. Kanaafuu, Galgaleen mana barnootaa isheetiif jaalalaafi kabaja guddaa qabdi.

**Gilgaala 5**

**Gahee barsiisaa/tuu:**

- fakkiileen kitaaba isaaniirra jiran gochaalee barattoonni kutaa ja’aa guyyoota torba keessatti nihojjetu jedhamanii tilmaaman waan ta’eef, fakkiilee kanneen ilaalanii waan hubatan akka walitti himan haala mijeessuu;
- erga barattoonni fakkiilee ibsanii booda, gochaalee kanneen dalaguufi dhiisuu isaanii gaafachuu;

- dhumarratti, gochaalee kanneeniin ala gochaalee barattoonni raawwatan yoo jiraate akka walitti himan jajjabeessuu.

**Gilgaala 6**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- barattoonni barnoota isaanii eessatti, yoom, akkamitti akka qo'atan muuxannoo isaanii akka waliif qoodan gochuu;
- muuxannoo isaanii kan Caaltuu waliin akka madaalan jajjbeessuu;
- Afaan Oromootiin yaadasaanii ibsachuuf akka yaalan jajjabeessuu;
- dogoggorri qaama barnootaa ta'uu hubachuun barattota dogoggoran hamilee isaanii eeguun duubdeebii kennuun barbaachisaadha.

## Barannoo 2: Dubbisuu

Barannoo kanaa keessatti barattoonni:

- dubbisa dhiyaate sagalee ol kaasuun gahumsaan nidubbisu.

**Gilgaala 7**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- barattoonni dubbisa kanname dubbisanii qabiyyee dubbisichaa akka hubatan gargaaruu qofa osoo hintaane, sirriitti sagaleessanii dubbisuu akka shaakalan deeggaruu;
- barattoonni tokko tokko sagalee isaanii ol kaasanii dareedhaaf akka dubbisan jajjabeessuu;
- yommuu dubbisan saffisa sirriin, ibsa waliifi sirrummaan akka dubbisan ka'umsaaf dubbisuun itti agarsiisuu;

- jechoota sirriitti dubbisuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuudhaan yoo dogoggoran haala hamilee isaanii hintuqneen sirreessuu (duubdeebii kennuu);

## Barannoo 3: Barreessuu

Barannoo kanaa keessatti barattoonni:

- jechoota kennaman walitti fiduudhaan hima nijaaru.

**Gilgaala 8**

**Gahee barsiisaa/tuu:**

- jechoonni gabatee keessatti kennaman walitti fiduun hima erga guutuu dabarsu akka ijaaran fakkeenya kenname itti agarsiisuun hubachiisuu;
- barattoonni jechoota gabatee keessa jiran filatanii himoota ijaaran haala mijeessuu;
- walsimannaa matimaafi gochimaa sirriitti ilaaluun deeggarsa kennuu
- waan bareessan dareef akka dubbisan gochuu.

**Deebii**

**Himmotni ijaaramuu danda'an:**

- Caaltuun bishaan dhugde.
- Caaltuun xalayaa barreessite.
- Caaltuun mana barumsaa deemte.
- Caalaan laaqana nyaate.
- Caalaan kitaaba dubbise.
- Caalaan biqiltuu dhaabe.

## Barannoo 4: Fayyadama Jechootaa

Barannoo kanaa keessatti, barattoonni:

- jechoota qaamolee bishaanii ibsan nitarreessu
- maalummaa(hiikaa) qaamolee bishaanii ni'ibsu

**Gilgaala 9**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- barattoonni jechoota adda addaa qaamolee bishaanii ibsan akka adda baafatan fakkeenya kennuun jajjabessuu;
- hiika jechoota maqaa qaamolee bishaanii jalqaba dhuunfaadhaan akka tilmaaman gochuu;
- itti aansuu, maqaalee kennaman gareen akka tilmaaman taasisuu;
- erga garaagarummaa hiikaa qaamolee bishaanii kanneen ibsanii booda, fakkeenya beekan biroo akka himan gaafachuu.

## Barannoo 5: Caasluga

Barannoo kanaa keessatti, barattoonni:

- fakkiilee ilaaluun gocha/ hennaa ammaan ni'ibsu.

**Gilgaala 10**

**Gahee barsiisaa/tuu:**

- barattoonni Afaan Oromootiin gochaalee yeroo ammaa raawwatamaa jiran ibsuu akka shaakalan gargaaruu;
- barattoonni gochaalee fakkiidhaan ibsaman hima sirriidhaan akka walitti firoomsan qajeelchuu;

- itti aansuun, deebii gilgaala kanneen akka fakkeenyaatti fudhatanii himoota mataa isaanii akka ijaaran gochuu.

**Deebii**

1. Bokkaan roobaa jira.
2. Saani marga dheedaa jirti.
3. Caaltuun bishaan dhugaa jirti.
4. Nuti Afaan Oromoo barataa jirra.

# Boqonnaa 4: Sheekkoo

(Wayitii 10)

**Seensa**

Boqonnaa kana keessatti barattoonni faaruu qubee Afaan Oromoo dhaggeeffatanii irra deebi'ani faarsu; sheekkoo/durdurii dhaggeeffatan irra deebi'ani himuu/seenessu; durdurii salphaa dubbisuun yaadasaa toora qabsiisu; jechoota sagalee hudhaa qaban barreessu; maqaa meeshaalee nyaata aadaa adda baafachuufi maqibsoota bifaa/halluu agarsiisan Afaan Oromootiin adda baasanii himuu baratu. Wantoota baratan sirriitti akka shaakalanii hubatan gargaaruuf, gilgaalonni adda addaa qophaa'aniiru. Gilgaalonni kennamanis barattoonni ofuma isaaniitiin yaalanii akka baratan caalaatti gargaaruuf, bakka barbaachisaa ta'etti fakkeenya adda addaatiin deeggaramaniiru. Barnoota barattootaa milkeessuuf ga'een barsiisaa murteessaa waan ta'eef, qabxiiwwan qajeelcha barsiisotaa kana keessatti eeraman haala qabatamaa jiruun walsimsiisaa itti fayyadamuun barbaachisaadha.

**Bu'aalee barachuu**

**Xumura boqonnaa kanaatti barattoonni:**

- faaruu dhaggeeffatan irra deebi'ani faarsu;
- sheekkoo/durdurii dhaggeeffatan irra deebi'anii nihimu/seenessu;
- durdurii salphaa dhiyaate dubbisuun yaadasaa toora niqabsiisu;
- jechoota sagalee hudhaa qaban barreessu;
- maqaa meeshaalee nyaata aadaa adda nibaafatu;
- maqibsa bifaa/halluu hima keessatti nigargaaramu.

**Qabiyyee**

1. Dhaggeeffachuufi dubbachuu (Wayitii 3)
2. Dubbisuu (Wayitii 2)

3. Fayyadama jechootaa (Wayitii 1)
4. Barreessuu (Wayitii 3)
5. Caasluga (Wayitii 1)

## Barannoo 1: Dhaggeeffacchuufi Dubbachuu

Barannoo kanaa keessatti, barattoonni:

- faaruu dhaggeeffatan irra deebi'aniii nifaarsu;
- sheekkoo dhaggeeffatan irradeebi'anii niseenessu;
- sheekkoo beeekan nihimu.

**Gilgaala 1**

**Gahee barsiisaa/tuu:**

- faaruu armaan gaditti kenname jalqaba faarsuun itti agarsiisuu; barattoonni akka dhaggeeffatan itti himuu;
- itti aansuun, barattoota waliin irra deddebi'uun faarfachuu;
- kana booda, of danda'anii akka faarfatan taasisuu;
- viidiyoon faaruu kanaa youtubii irratti waan argamuuf, yeedalloo waliin waraabuun dhiyeessuu ;
- faaru kanatti fayyadamuun barattoonni daqiiqaa muraasaaf akka bashannanan gochuu.

**Qubee Afaan Oromoo**

Qubee Afaan Oromoo (2)
A, B, C, D haa guddisnu
Haa barreessinu
Haa baranu
Haa barsiisnu
Haa guddisnu
Haa barreessinu

Haa barannu

Haa barsiisnu

Qubee Afaan Oromoo (2)

A, B, C, D haa guddisnuu

Haa barreessinu

Haa barannu

Haa barsiisnu
Haa guddisnu
Haa barreessinu
Haa barannu
Haa barsiisnu.

**Gilgaala 2**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- barattoonni sheekkoo dubbifamuuf erga dhaggeeffatanii booda irra deebi'anii kan walitti himan ta'uu dursanii itti himuu;
- akka nama dubbisuutti osoo hintaane akka nama dubbatuutti suutaan yeroo lama dubbisuu.
- akkuma, dhaggeeffatanii raawwataniin gareen ijaaramuudhaan sheekkoo dhaggeeffatan darabeen akka walitti himan taasisuu;
- barattoonni marti carraa sheekkoo dhaggeeffatan irra deebi'anii himmuu kka argatan hordofuufi deeggarsa gochuu;
- yoo barattoonni shaakalan dhaggeeffachuun duubdeebii kennuu;
- dubbisa armaan gadii haala barattootaaf galuun dubbisuu

**Marii Abbaa Warraafi Haadha Warraa**

Bara durii haadha warraafi abbaa warraatu karoora hojii fuula duraarratti mariyatu turan. Yeroo kana abbaan warraa "Bara dhufu bosona gama sanaa cireen boqqolloo facaasa. Boqqolloon oomishu immoo, gurgureen goromsa

tokko bitadha. Goromsattiinis nidhalti. Jabbiin ishee bakka ati teessu kanatti hidhamti," jedhee bakka haati warraa teessu qubaan agarsiise.

Haati warraas, "Bakka ani taa'utti jabbii kee hidhattaa? Gonkuma hinhidhattu," jettee mormite. Mormiin isaanii haaluma kanaan duraa duubaan itti fufee lammaanuu uleedhaan wal qabatan. Lola uumame kana keessatti abbaan warraa haadha warraa isaa muka moonyeetiin mataa keessa rukute, Yeroo kana dhiigni afaaniifi funyaaniin yaa'ee lubbuunshee dabre. Bosona ciruunis, lafa qotuunis, goromsa bituunis, jabbii hidhuunis nihafe. Mariin eegalames gara gaddaatti jijjiiramee jedhama.

**Gilgaala 3**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- gilgaala kana dursanii akka itti qophaa'an gochuu;
- sheekkoo hawaasaafi maatii isaanii gaafatanii yookiin kanuma ofiif beekanitti qophaa'anii Afaan Oromootiin akka walitti himan jajjebeessuu;
- barattoota mara dhuunfaadhaan guyyaa tokkotti dubbachiisuuf yeroo ga'aan dhabamuu waan maluuf, gareen hojjetanii keessaa tokko akka dhiyeessu taasisuun nidanda'ama.

## Barannoo 2: Dubbisuu

Barannoo kanaa keessatti barattoonni:

- dubbisa keessatti gochaalee raawwataman tartiibaan deebisanii nihimu;
- tartiiba taatee dubbisa dubbisanii fakkiilee nitartiibessu.

**Gilgaala 4**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- barattoonni dubbisa dhiyaate osoo hindubbisiin dura gaaffiilee dubbisuun duraa dhuunfaan akka deebisan gochuu;
- deebii isaan kennan hunda irratti osoo yaada hinkenniin harkaa fuudhuu;
- dubbisuuf akka qophaa'an gochuu.

**Gilgaala 5**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- dubbisa dhiyaateef osoo hindubbbisiin dura gaaaffilee yeroo dubbisuu dabtara isaanii irratii akka garagalfataniifi hubatan taasisuu;
- dubbisa dhiyaate dubbisaa gaaffilee deebisan qajeelchuu;
- deebii isaanii irratti hiriyyaa isaanii waliin akka irratti mariyatan haala mijeessuu:
- duubdeebii kennuu.

Deebii

1. walaffeeran
2. koochoo
3. Raacha

**Gilgaala 6**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- barattoonni dubbisa dubbisan irraa waan hubatan yaada mataa isaaniitiin deebisanii akka himan taasisuu;
- barattoonni tokko tokko yaada isaanii ibsachuuf kan sodaatan jiraachuu waan maluuf, jalqaba waliif akka ibsan taasisuu;

- itti aansuun, garee ijaaruun gareef akka ibsan, dhumarratti daabareen dareef akka ibsan taasisuu.

**Gilgaala 7**

- barattoonni dubbisicha xiyyeeffannoon irra deebi'anii dubbisuun gochaalee tartiibaan raawwataman sirriitti akka kaa'an fakkeenya kennuun jalqabsiisuu;
- barattoonni mariif yeroo waan qabanuuf, jalqaba dhuunfaan akka dubbisa gochuu.

## Barannoo 3: Barreessuu

Barannoo kanaa keessatti, barattoonni:

- jechoota hudhaa qaban adda ni baasu;
- jecha keessatti hudhaa bakka sirrii galchuun nibarreessu.

**Gilgaala 8**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- barattoonni fakkii kitaabasaanii irratti kennaman maqaa isaanii akka barreessan gochuu;
- dhuunfaan yookiin gareen akka hojjetan haala gochuun erga hojjetanii booda, duubdeebii kennuu;

Deebii

1. re'ee
2. farda
3. lukkuu
4. sa'a
5. hoolaa
6. saree

**Gilgaala 9**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- jalqaba, barattoonni jechoota akka fakkeenyaatti barreeffame akka dubbisanii hubatan gochuu;
- hudhaan eessatti akka galu akka ibsan carraa kennuu.
- hudhaa sirriitti fayyadamuu isaanii hordofuun duubdeebii kennuufi hubannoo isaanii cimsuu.

**Deebii**

1. fe'e
2. du'e
3. gaa'ela
4. daa'ima
5. dha'e
6. ka'e
7. kaa'e

## Barannoo 4: Fayyadama Jechootaa

Barannoo kanaa keessatti barattoonni:

- maqaa meeshaalee nyaataa aadaa addaan baafatu.

**Gilgaala 10**

**Gahee barsiisaa/tuu**

**Gilgaala 10**

**Gahaa barsiisaa/tuu:**

- barattoonni tajaajila meeshaalee kennaman fakkiileen walsimsiisanii erga hubatanii booda, maqaa meeshaalee kanneenii jalatti akka barreessan taasisuu;
- jalqaba tajaajila ibsame meeshaan tajaajilu kam akka ta'e akka adda baafatan itti himuu;

- itti aansuun, maqaa meeshaalee kanneenii bakka duwwaa kennamerratti akka barreessan gochuu;
- gilgaalicha kana dhuunfaan yookiin gareen hojjechiisuu.

**Deebii**

1. Distiin ittoo ittiin hojjachuuf tajaajila.
2. Eeleen buddeena ittiin tolchuuf fayyada.
3. Elemtuun aannan itti elmuuf fayyada.
4. Kubbaayyaan bishaan ittiin dhuguuf tajaajila.
5. Gundoon xaafii ittiin qulleessuuf tajaajila.
6. Siiniinn buna ittiin dhuguuf fayyada.

## Barannoo 5: Caasluga

Barannoo kanaa keessatti, barattoonni:

- maqibsa bifaa/halluu ibsan adda baafatu.
- maqibsa bifaa/halluu hima keessatti nigargaaramu.

**Gilgaala 11A**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- barattoonni halluuwwan kennaman duratti bakka duwwaa kennamerratti maqaasaanii akka barreessan taasisuu.
- afaan lammaffaa waan ta'eef, itti cimuu mala. Kanaafuu, walgargaaranii akka hojjetan jajjabeessuu;
- bakka dogoggoranitti deeggaruu.

Deebii

1. diimaa
2. gurracha
3. magarisa

4. adii
5. cuqulisa
6. keelloo

**Gilgaala 11B**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- halluuwwan gargaaramanii himoota akka ijaaran qajeelchuu;
- barattoonni dhuunfaan waan hojjetanuuf, hima sirrii ijaaruu isaanii hordofuufi deeggaruu;
- gilgaala kanaaf deebii murtaawaan walfakkaatu akka hinjirre hubachuun barbaachisaadha.

# Boqonnaa 5: Meeshaalee Manaa

(Wayitii 10)

**Seensa**

Mata dureen boqonnaa kanaa Meeshaalee Manaa kan jedhudha. Mata duree kana bu'uura godhachuun gilgaalonni adda addaa dhiyaatanii jiru.

Gilgaalotni boqonnaa kana jalatti dhiyaatan maqaa meeshaalee manaa hubachiisuun alatti, ajaja hordofanii raawwachuu, fakkiilee ilaalanii waa'ee isaanii himuu/barreessuu, fakkii ilaalanii taateewwan fakkichi agarsiisu himuufi hima ijaaruu irratti kan xiyyeeffatedha.

Kana malees, hima ijaaruu, jechoota tapaha keessatti gargaaraman maddidiiduu, maqisii hanga agarsiisan irratti xiyyeeffachuun dhiyaataniiru. Kanneen hojiirra oolchuufis gilgaalonni adda addaa haala itti hojiirra oolchuufi shaakalsiisuun danda'amuu irratti kallattiin ifa ta'e kennamee waan jiruuf, barsiisonni haala qabatamaa jiruun walsimsiisuun raawwachuun barbaachisaadha.

**Bu'aalee barachuu**

**Xumura boqonnaa kanaatti, barattoonni:**

- qajeelfamoota adda addaa hubachuun niraawwatu;
- fakkii dubbisuun maalummaa isaa nihimu;
- harka rukutuun birsaga dubbisuu/lakkaa'uu nidanda'u;
- jechoota sagalee irra butaa qaban nibarreessu;
- meeshaalee nyaataa adda nibaasu;
- maqaa qeenxeefi danuu adda nibaasu.

**Qabiyyee**

1. Dhaggeeffachuufi dubbachuu (Wayitii 3)
2. Dubbisuu (Wayitii 2)
3. Fayyadama jechootaa (Wayitii 1)
4. Barreessuu (Wayitii 3)
5. Caasluga (Wayitii 1)

## Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu (3)

Barannoo kanaa keessatti, barattoonni:

- qajeelfamoota kennaman dhaggeeffatanii niraawwatu;
- jechoota birsagatti qoqqoodanii nidubbisu.

**Gilgala 1A**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- qajeelfaman asii gadii barattootaaf suuta dubbisuu;
- barattoonni qajeelfama dubbifamuu hordofanii waan 'raawwadhaa' jedhaman sirriitti raawwachuu isaanii hordofuu;
- daree guutuuf altokko qajeelfama kennuun daree waan jeequuf dabaree dabareen taasisuu;
- barattoonni hunduu akka itti hirmaatan taasisuu;
- bakki itti dogoggoran yoo jiraate, akka walii isaanii wal sirreessan barattootaaf carraa kennuu;
- bakka walsirreessuu hindaneenyetti deeggarsa kennuu.

**Qajeelfama**

1. Ka'ii gara fuula duraa kottu; maqaa kee gabatee gurracha irratti barreessi. Otoo deebitee hintaa'iin balleessi.

2. Jalqaba, ka'ii dhaabadhu. Itti aansuun, kitaaba Afaan Oromoo fuula 25 banii jecha jalqabarra jiru dubbisi.
3. Qubeessaa kee harka mirgaan olkaasii dareetti agarsiisi. Achiin booda, hiriyyaa kee si bira jiru/tutti kenni.

**Gilgaala 1B**

- Qajeelfamni asii gadii 1-3 kenname fakkii magaalaa kitaaba barattootaa irratti kennameen kan walqabatedha. Kanaafuu, qajeelfama dubbifamuuf dhaggeeffatanii kam akka ta'e akka agarsiisaniif al lama irra deebii dubbisiif:

**Qjeelfama 1.**

Akka magaalaa seenteen konkolaataa diimtuu achi garagaltee dhaabbattu bira osoo hinga'iin gara bitaatti maqi. Gara harka bitaatti erga maqxeen booda, xiqqoo achi deemi.

**Qajeelfama 2**

Konkolaataa diimtuu bira dabarfadhuu gara fuula duraatti deemi. Akka xiqqoo deemteen, konkoolaataa keelloo bira yoo geessu karaa harka bitaatti mqasu dhiisii gara fuuladuraatti deemi. Konkolaatittii kelloo bira akkuma dabarteen immoo, gara harkee mirgaatti maqi.

**Qaleelfama 3**

Konkolaataa diimtuu bira tarii gara fuula duraatti deemi. Konkolaataa bifa keelloo bira yeroo geessu, gara harka bitaatti maqi.

**Gilgaala 2**

**Gahee barsiisaa/tu**

- barattoonni meeshaalee manaa kana maalfaa akka ta'an sirriitti adda baafachuu isaanii mirkaneeffachuu;
- jechoota kennaman qoqqoodanii akka dubbisan taasisuu;
- itti aansuun, akka dareetti himan jajjabeessuu.

## Barannoo 2: Dubbisuu

Barannoo kanaa keessatti, barattoonni:

- fakkii ilaaluudhaan maalummaafi tajaajila isaanii himu;
- fakkiiwwan ilaaluun taateewwan himu.

**Gilgaala 3**

Gahee barsiisaa/tuu:

- gilgaala 3Ajalatti barattoonni maqaa meeshaalee manaafi tajaajila isaanii akka barreessan fakkeenya kennuun jajjabeessuu;
- gilgaala 3B barattoonni fakkii kitaaba barattootaa irratti dhiyaataniifi taatee tokko kan agarsiisu ta'uu hubachiiisuu,
- taatee fakkiileen kun agarsiisan gareen akka mariyatan taasisuu;
- taatee (gocha) faakkiilee kanarra hubataniifi akka gareetti irratti waliif galan dareef akka ibsan taasisuu;

**Deebii**

Barattoonni fakkiilee ilaaluun akka hubatanitti ibsuu danda'u. Yaadni ijoon fakkiileen kun agarsiisan garuu mucaan tokko mana namaa seenee waan tokko hate yoo bahu, poolisiin hari'ee to'annoo jala oolchuu isaafi mucaan hatee baqataa tures harka kennuu isaa kan agarsiisudha.

## Barannoo 2: Barreessuu

Barannoo kanaa keessatti, barattoonni:

- jechoota sagalee irrabutaa qaban adda baasanii nibarreessu;
- jechoota irrabutaa qabaniin hima ijaaru

**Gilgaala 4**

Gahee barsiisaa/tuu:

- barattoonii jalqaba jechoota kennaman keessaa jechoota irrabutaa qaban akka adda baasaniifi hiika isaanii akka hubatan taasisuu;
- jechoota adda baasan dhuunfaa isaaniitiin akka hima barreessan fakkeenya kennaman sirriiti ibsuufii; fakkeenya dabalataas kennuu,
- yeroo barattoonni barreessan hordofuufi deeggaruu;

**Deebii**

Barattoonni muuxannoofi hubannoo ofiirratti hundaa'uu himoota ijaaruu dand'u. Barsiisaa/tuun immoo, himni ijaaraan hiika qabeessummaa isaa, duraa duuba jechootaa, sirna tuqaalee, qubguddeessafi dogoggora qubee irratti hunda'uun duubdeebii kennuun barbaachisaadha.

## Barannoo 4: Fayydama Jechootaa

Barannoo kanaa keessatti, barattoonni:

- maqaa meeshaalee nyaataa ammayyaa fakkiin dhiyaate ni barreessu;
- jechoota maqaa meeshaalee nyaataa ammayyaa beekan nitarreessu.

**Gilgaala 5**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- barattoonni maqaa meeshaalee manaa akka barreessan qajeelfama ifa ta'e kennuu;
- barattoota maqaa meeshaalee kanneenii hinbeekne yoo jiraatan, itti himuu;
- yeroo barattoonni barreessan hordofuufi deeggarsaa kennuun jajjabeessuu
- dhumarratti, maqaa meeshaalee sirrii ta'e gabatee irratti barreessuun akka mirkaneeffatan taasisuu.

**Deebii**

1. finjaala/siinii/shiinii
2. haaduu
3. shukkaa
4. saanii
5. fallaana

## Barannoo 5: Caaasluga

Barannoo kanaa keessatti barattoonni:

- jechoota maqaalee qeenxeefi daanoomina agaarsiisan adda baasu;
- jechoota maqaalee qeenxee danoomina akka agarsiisanitti nibarreessu.

**Gilgaala 6**

Gahee barsiisaa/tuu

- adda addummaa jechoota baayyina agarsiisaniifi qeenxee fakkeenya kennuun agarsiisuu;

- gareen akka mariyataanii jechoota kennaman keessaa jechoota danoomina agarsiisan adda baasan gochuu;
- yeroo barattoonni gareen hojjetan gidduu isaanii deddeebi'uun hordofuu;
- dhumarratti, duubdeebii kennuu.

**Deebii A**

| Jechoota qeenxee agarsiisan | jechoota danoomina agarsiisan |
|---|---|
| 1. nama | namoota |
| 2. farda | fardeen |
| 3. kitaaba | kitaabilee |
| 4. hoolaa | hoolota |
| 5. sangaa | sangoota |
| 6. re'ee | re'oota |
| 7. muka | mukkeen |
| 8. sooressa | sooreyyii |
| 9. jaarsa | jaarsolii |
| 10. gaara | gaarren |
| 11. jaldeessa | jaldeeyyii |

Deebii gilgaala 6B

1. tulluu = tulluuwwan
2. biyya = biyyoota
3. saree = saroota
4. biiroo = biiroolee
5. jabbii = jabbiilee
6. koree = koreewwan

# Boqonnaa 6: Sheekkoo

(Wayitii 10)

**Seensa**

Boqonnaa ja'affaan kun mata duree 'Sheekkoo' jedhu jalatti sheekkoo 'Leencaafi Qamalee' jedhu dhaggeeffachuufi dubbisuuf immoo, 'Sangoota Sadiifi waraabessa' kan jedhu dhiyaateera. Kanaan walqabatee, gilgaalaonni adda addaa dhiyaataniiru.

Gilgaalonni boqonnaa kana jalatti dhiyaatan hima ijaaruu, jechoota tapaha keessatti gargaaraman himuu, maqibsa hanga agarsiisaniifi kanneen kana fakkaatan qophaa'anii jiru. Kanneen hojiirra oolchuufis kallattiin ifa ta'e barsiisotaaf taa'ee waan jiruuf, haala qabatamaa jiruun walsimsiisuun raawwachuun barbaachisaadha.

**Bu'aaalee barachuu**

**Xumura boqonnaa kanaatti barattoonni:**

- odeeffannoo ijoofi callaa dubbisa dhaggeeffatanii adda nibaasu;
- yaada ofii ifaafi bilisaan ibsachuu nidanda'uu;
- taatota seenessa tokko keessa jiran gahee isaanii niseenessu;
- himoota salphaa ijaaruu nidanda'u;
- jechoota taphaaf oolan adda baasuun itti fayyadamu.

**Qabiyyee**

1. Dhaggeeffachuufi dubbachuu (Wayitii 3)
2. Dubbisuu (Wayitii 2)
3. Fayyadama jechootaa (Wayitii 1)
4. Barreessuu (Wayitii 3)
5. Caasluga (Wayitii 1)

## Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu (Wayitii 3)

Barannoo kanaa keessatti barattoonni:

- Sheekkoo itti himamu dhaggeeffachuudhaan ergaa ijoofi callaa ni ibsu;
- ayyaanaa naannoo isaanii filachuun waa'ee isaa afaaniin ni'ibsu.

**Gilgaala 1**

**Gahee Barsiisaa/tu**

- Barattoonni gaaffilee dhaggeeffachuun duraa lama lamaan akka irrttii miriyatanii deebisan taasisuu,
- Deebii barattoonni kennan osoo duubdeebii irratti hinkenniin harkaa fuudhuu.

**Gilgaala 2**

**Gahee barsiisaa/tuu;**

- Barattoonni sheekkoo seeneffamuuf osoo hindhaggeeffatiin dura gaaffilee yeroo dhaggeeffachuu akka hubataniifi dabtara isaanii irratti barreeffatan taasisuu;
- Sheekkoo qophaa'e yeroo sadii dubbisuu

  - Dubbisuu jalqabaa saffisaan dubbisuun barattoonni callisanii akka dhaggeeffatan taasisuu;

  -Dubbisuu marsaa lammaffaa saffisa giddugaleessaan dubbisuun dhaggeeffachaa deebii gaaffilee akka guutan taasisuu;

  - Dubbisa sadaff irrattis saffisa giddugakeessaan dubbisuufiidhaan deebii deebisan akka mirkaneeffatan taasisuu;
- Deebii deebisan irratti akka waliin mariyatan taasisuu;
- Duubdeebii kennuu.

**Deebii**

1. durii
2. bosona keessa
3. soba
4. muka
5. qamalee

## Leencaafi Qamalee

Bara durii leencaafi waraabessi bosona keessa waliin jiraatu turan. Leenci sangaa qaba. Waraabessi immoo, goromsa qaba. Guyyaa tokko, osoo leenci tiksuu goromsi waraabessaa dhalte. Leenci jabbii dhalatte fudhachuu barbaade. Achumaan dil'uu sa'a dhaltee fuudhee qaama sangaa isaatti suuqe. Leencis, "Sangaan koo nidhale," jedhee. Warabessiis soba ta'uu bare.Sana booda, wallolan. Bineensotas jaarsummaa waammatan. Bineensonni hunduu yeroon dhufan. Qamaleen garuu barfattee dhufte. Oggaa isheen dhuftu bineensonni kuun muka jalatti walgahanii turan. Leencis qamaleedhaan, "Jaarsummaa koo tuffatteeti moo maaliif barfatte?" jedhe. Qamaleenis, "Lakkisaa gooftaa tuffadhee miti. Lafa tokkotu tarsa'ee (baqaqee) jennaan osoon hodhuu natti barfate," jetteen. Leencichis, "Lafti hinhodhamu. Maaliif sobda?" jedhee dheekkame. Qamaleenis, "Innillee dhugaadha. Garuu, sangaais hindhalu" jettee muka kortee jedhama.

**Gilgaala 3**

**Gahee Barsiisaa/tuu**

- Barattoota gareen gurmeessuufi gahee hojii (barreessaafi qindeessaa/tu) filuu;
- Yeroo barattoonni mariyatan gidduu isaanii deemuun daawwachuufi hordoffiifi deeggarsa taasisuu;

- Barattoonni deebii akka garee isaaniitti deebisan karaa qindeessaa isaanii waljala darbuun garee biroof akka ibsaniifi yaada wal jijjiiran taasisuu;
- Deebii irratti garaagarummaa yoo qabaataniifi kan walfalmisiisu yoo jiraate, akka irratti walfalman taasisuu.

Deebii

1. leencis sobeera qamaleenis sobdeetti.
2. leenca sodaattee
3. waan qamaleen barfattee dhufteef

**Yaadachiisa**: Gaaffiileen 4$^{ffaa}$ fi 5$^{ffaa}$n yaadaafi ilaalcha mataa isaaniitiin kan ibsan waan ta'eef deebii murtaawaa hinqabu.

**Gilgaala 4**

**Gahee barsiisaa/tuu:**

- Jalqaba, ayyaana naannoo isaaniitti kabajamu tokko akka filatan taasisuu;
- Ayyaanichi akkamitti akka kabajamu, nyaata guyyaa sana qophaa'u, uffannaa guyya sana uffatamuufi walumaagalatti sirna ayyaanichaa irratti cimdiin akka mariyatan taasisuu;
- Itti aansuun, kan lama lamaan mariyatan garee miseensa nama 5 qabuun akka walitti himan taasisuu;
- Dhumarratti, yaada garee isaanii dareef akka ibsan taasisuu;
- Yeroo mare barattootaa itti siquun hordofuufi deeggarsa barbaachisu kennuu.

## Barannoo 2: Dubbisuu

Barannoo kanaa keessatti, barattoonni:

- dubbisa dhiyaate erga isaa nihimu;
- taatota seenessa dubbisan keessa jiraniifi gahee isaanii nihimu.

**Gilgaala 5**

**Gahee barsiisaa/tuu:**

- gaaffilee dubbisuun duraa dhiyaatan dhuunfaan akka dubbisan taasisuu;
- barattootni hunduu akka hirmaatan jajjabeessuu; barattoota deebisuuf harka hinbaasne keessa keessaa gaafachuu;
- deebiin barattootaa sirriis ta'u sirrii ta'uu yoo baates osoo yaada itti hinkenniin harka fuudhuu;
- dubbisuuf akka qophaa'an gochuu.

**Gilgaala 6**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- barattoonni osoo dubbisuu hin eegaliin gaaffilee yeroo dubbisuu akka hubataniifi akka dabtara isaanii irratti barreeffatan tasisuu;
- wayita dubbisicha dubbisan gaaffilee kanneen akka deebisan qajeelfama ifaa kennuu;
- yeroo dubbisan callisaan akka dubbisan, qubaan sarara irra agarsiisaa akka hindubbifneefi afaan sochoosaa(ususaa ) akka hindubbifne qajeechuu;

- deebii isaaniifi kan hiriyyaa isaanii waliin wal harkaa fuudhuun akka duubdeebii waliif kennan taasisuu;

**Deebii**

1. bosona
2. tokkummaa
3. soba
4. gurraacha

…

**Gilgaala 7**

Gahee barsiisaa/tuu:

- barattoonni dubbisicha irra deebi'anii dubbisuun akka deebisan gochuu;
- gilgaalicha hoji manee kennuu;
- deebii barattootni kennan irratti duubdeebii kennuu;
- barattoota addatti deeggarsa barbaadan yoo jiraatan, deeggarsa dabalataa kennuu;

**Deebii**

1. B
2. C
3. C
4. A
5. A
6. A

7. diinaaf/ du'aaf

## Barannoo 3: Barreessuu

Barannoo kanaa keessatti barattoonni:

- jechoota kennamaniin hima salphaa nibarreessu

**Gilgaala 8**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- barattoonni jechoota kennamaniin hima akka ijaaran fakkeenya gahaa kennuu;
- wayita barattoonni barreessan hordofuun deeggaruu;
- himoota barreessan dareef akka dubbisan taasisuu;
- dogoggoroota bu'uuraa kanneen akka dogoggora qubee, qubguddeessaafi duraa duuba eeganii barreessuufi kaanneen biroo irratti duubdeebii kennuu.

## Barannoo 4: Fayyadama Jechootaa

Barannoo kana keessatti barattoonni:

- jechoota tapha garaa garaa keessatti dhimma itti bahan nitarreessu..

**Gilgaala 9**

Gahee barsiisaa/tuu:

- baratttoonni naannoo isaanii taphoota garagaraa wayita taphatan jechoota taphicha keessatti gargaaraman Afaan Oromoon akka dhiyeessan taasisuu;
- fakkeenya bal'aa kennuu;

- jechoota osoo beekanii Afaan Oromootti deebisanii ibsachuu yoo dadhaban karaa adda addaan gargaaruun akka jechicha ibsachuu danda'an taasisuu;
- barattoonni hunduu akka hirmaatan jajjabeessuu

**Deebii**

Barattoonni akka naannoo isaaniifi akka tapha taphatanii beekaniitti jechoota maddisiisuu danda'u. Kanaafuu, jechoota kanneen asitti tarreesssuun waan hindanda'amneef kan barattoonni dhiyeessan harkaa fuun duubeebii kennuun barbaachisaadha.

## Barannoo 5: Caasluga

Barannoo kanaa keessatti barattoonni:

- maqibsa hanga agarsiisan adda baasu.

**Gilgaala 10**

**Yaadannoo:** gilgaala kana jalatti wanti akka barattoonni hubatan barbaadame waa'ee maqibsaati. Maqibsi jecha maqaa boodagaluun waa'ee maqaa sanaa odeeffannoo kennudha. Maqibsi hangaas hanga maqaa kan agarsiisanidha. Kanaafuu, osoo gilgaala hojjechiisuu hineegaliin maalummaa maqibsaa kanneen hanga ibsan barattoota hubachiisuun barbaachisaadha.

Haaluma kanaan, maqibsa jechuun gareewwan jechootaa shanan keessaa tokko ta'ee kan maqaa duubaan galuun waa'ee maqichaa ibsa kennuun danda'u jechuudha. Maqibsi hanga ibsan maqaalee booddee galuudhaan hanga maqichi gahu kan ibsu/agarsiisudha.

**Fakkeenyaaf**

Jechi "guddaa'' jedhu maqibsa hanga agarsiisudha. Sababiin isaa, maqaa booda galuun guddina ykn hagam akka gahu kan agarsiisu waan ta'eef.

**Guddaa** ⟶ sangaa guddaa (sangicha hagam aakka ga'u ibsa)

Bal'aa ⟶dirree bal'aa (dirreen sun hagam akka bal'atu kan agarsiisudha).
Kanaafuu, fakkeenyata biroo dabaluun barattoonni akka hubatan taasisuun barbaachisaadha.

**Gahee barsiisaa/tu**

- maalummaa maqibsaa keesumanttuu kanneen hanga ibsan maal akka ta'an bal'inaan ibuu;
- fakkeenya gahaa kennuu;
- barattoonni hojii isaan hojjatan hordofuudhaan deeggarsaafi duubdeebii kennuu.

**Deebii**

Barattoonni deebii adda addaa kennuu dand'u. Haata'u malee, akka ka'umsaatti jechoota maqaa duuba galuun hanga waantotaa ibsan kanneen asii gadii ilaaluun ni danda'ama.

- bal'aa/bal'oo
- guddaa/guddoo
- dhiphaa/dhiphoo
- xinnaa/xinnoo/xiqqoo
- furdaa/furdoo
- qal'aa/ bal'oo

# Boqonnaa 7: Halluu

**(Wayitii 10)**

**Seensa**

Boqonnaa kana keessatti taatteewwan seenessa keessa jiran dhaggeeffachuun fakkii isaanii tartiibessuu shaakalu. Kana malees, halluuwwan adda addaa akkamitti akka maqibsaatti akka fayyadan shaakalu. Dabalataanis, himoota dubbisanii ergaa isaanii himuun agarsiisu; himoota sasalphaa irraa hima dachaa barreessu; fakkii ilaaluun maqaa bineensotaa addaaan baasanii ibsuufi bamaqaalee ramaddii kornayaafi lakkoofsaan adda baasanii agarsiisuu baratu. Kaayyoowwan kunneen galmaan ga'uuf kan gargaaran gilgaalonni adda addaa qophaa'aniiru. Gilgaalota kitaaba barattootaa irratti kennaman haala gaariin hojjaechiisuuf barsiisonni qajeelcha kanatti fayyadamuun murteessaa ta'uu hubachuun baay'ee barbaachisaadha.

**Bu'aalee barachuu**

**Xumura boqonnaa kanaatti barattoonni:**

- taatteewwan seenessa keessa jiran dhaggeeffacuun fakkii isaanii nitartiibessu;
- halluuwwan jaallataniifi jibban adda baasanii ibsuu nidanda'u;
- himoota dubbisanii ergaa isaanii addaan baasu;
- himoota sasalphaa irraa himoota dachaa nibarreessu;
- maqaa uffata aadaafi yoom akka uffataman ibsuu nidanda'u;
- bamaqaalee ramaddii kornayaafi lakkoofsaan adda baasanii nihimu.

**Qabiyyee**

1. Dhaggeeffachuufi dubbachuu (Wayitii 3)
2. Dubbisuu (Wayitii 2)

3. Fayyadama jechootaa (Wayitii 1)
4. Barreessuu (Wayitii 3)
5. Caasluga (Wayitii 1)

**Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu**

Barannoo kanaa keessatti barattoonni:

- ✍ taatteewwan seenessa dhaggeeffatan keessaa hubatanii fakkii isaanii nitartiibessu;
- ✍ halluuwwan garagaraa adda baasanii walitti nihimu.
- ✍ halluuwwan jibbaniifi jaallatan afaaniin ni'ibsu.

**Gilgaala 1**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- jalqaba, barattoonni haalaan akka dhaggeeffatan itti himuu;
- itti aansuun, dubbisa asii gaditti dhiyaate si'a sadii dubbisuufii
- gareen ijaaramanii fakkiilee kitaaba isaaniirra jiran duraa duuba raawwii taateewwaniitiin sirreessuun akka waliif ibsan tasisuu;
- dhumarratti, gareen tokko dareef akka dhiyeessu affeeruu,
- dhumarratti, duubdeebii kennuun xumuruu.

# Maatii Gowwaa

Haadha warraafi abbaa warraa gowwaatu turan. Guyyaa tokko hoolaa qalatanii nyaachuu barbaadanii qoraan dhaban. Kanaaf, foon mana kaayyatanii qoraan funaanuu deeman. Osoo gara laga qoraanii deemanuu namichi tokko itti dhufe. Namichis, "Eessa deemtu?" jedhee gaafate. Jarris maaliif akka deeman itti himanii gara qoraaniitti qajeelan. Namichi karaatti itti

dhufes jara bira darbee gara mana isaanii deeme. Foon hoolaa jaraa guurratee gara mana isaatti gale.

Yemmuu jarri qoraan guurratanii mana galan, foon mana hinjiru. Titiisa qofatu mana keessaa jira. Jarris titiisatu foon keenya nyaatee fixe jedhanii titiisa ajjeesuu eegalan. Titiisa ajjeesuuf jecha meeshaalee manaa caccabsanii fixan. Dhumarratti, titiisni tokko mataa haadha warraa irra qubatte. Isheenis, abbaa warraa ishee waamtee akka inni ajjeesu mallattoon itti agarsiiste. Innis, ulee fudhatee titiisa ajjeesuuf yemmuu yaalu mataa haadha warraa isaa bakka lamatti baase. Haala kanaan, haadha warraa isaa ajjeese jedhama.

**Gilgaala 2**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- maqaa halluuwwanii asiin dura waan barataniif, halluuwwan kanneen akka maqibsaatti fayyaduun akka himan taasisuu;
- kana malees, halluuwwan kunneen maqaa ibsanitti aananii kan dhufan ta'uu akka hubatan gargaaruu;
- fakkeenya adda addaa dabaluun hubannoo isaanii cimsuu.

**Deebii gilgaalaa**

1. Gabatee diimaa
2. Billaacha cuquliisa
3. Baala magariisa
4. Farda adii
5. Abaaboo keelloo

## Barannoo 2: Dubbisuu

Barannoo kanaa keessatti barattoonni:

- qajeelfamoota dubbisuun ergaa isaanii gochaan ni'agarsiisu.

**Gahee barsiisaa/tuu:**

- barattoonni qajeelfama adda addaa dubbisanii gochaan akkaa agarsiisan gargaaruu.
- himoonni kennaman daree keessatti shaakalamuu kan danda'aman waan ta'aniif akka ajaja kennameetti hojjechiisuu;
- barattoonni marti carraa akka argatan haala mijeessuu;
- duubdeebii afaanii kennuun xumuruu.

## Barannoo 3: Barreessuu

Barannoo kanaa keessatti barattoonni:

- himoota salpha lama walitti qindeessuudhaan hima dacha ni'ijaaru.

**Gilgaala 4**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- himoota salphaa irraa hima dachaa barreessuu shaakalsiisuuf fakkeenya adda addaa kennuu;
- barattoota gareen akka hojjetan taasisuu;
- yeroo gareedhaan hojjetan hordofuufi gargaaruu;
- dogoggora isaanii akka ofiif sirreeffatancarraa kennuu;
- duubdeebii kennuu

**Deebii gilgaalaa**

1. Guutaan irbaata nyaatee rafe.
2. Boontuun gabaa deemtee buna bitte.
3. Guutuun ciree nyaatee mana barumsaa deeme.
4. Gaaddiseen ganama kaatee fuula dhiqatte.
5. Boonaan gabaa deemee hoolaa bite.
6. Gamteessaan laga deemee qaamasaa dhiqate.

## Barannoo 4: Fayyadama Jechootaa

Barannoo kanaa keessatti, barattoonni:

- maqaa bineensotaa adda nibaasu.

**Gilgaala 5**

**Gahee barsiisaa/tuu:**

- barattoonni jalqaba dhuunfaa fakkiilee bineensotaafi maqaa isaaniin akka walitti firoomsan gochuu;
- itti aansuudhaan, kan dhuunfaadhaan hojjetan cimdiin ta'anii akka walitti agarsiisuun waliif sirreessan taasisuu;
- dhumarratti, hojii cimdiin hojjetan dareef akka ibsan taasisuu.

**Deebii**

**1. C** **2. E** **3. B** **4. A** **5. D**

## Barannoo 5: Caasluga

Barannoo kanaa keessatti, barattoonni:

- bamaqaalee ramaddii kornayaafi lakkoofsaan adda nibaasu.

**Gilgaala 6**

**Gahee barsiisaa/tuu:**

- barattoonni bamaqaalee ramaddii kornayaafi lakkoofsaan akka adda baasan fakkeenya kennuun agarsiisuu;
- barattoonni fakkeenya kenname sirriitti akka hubatan gochuu;
- barattoota daree keessa jiran gargaaramuun ramaddii sadan duraa duubaan agarsiisuu.

**Yaadannoo**

| Bamaqaalee | Ramaddii | Lakkoofsa | Koorniyaa |
|---|---|---|---|
| Ana | 1ffaa | Qeenxee | Dhiira/dhalaa |
| Nuyi | 1ffaa | Danuu | Dhiira/dhalaa |
| Ati | 2ffaa | Qeenxee | Dhiira/dhalaa |
| Isin | 2ffaa | Danuu | Dhiira/dhalaa |
| Inni | 3ffaa | Qeenxee | Dhiira |
| Ishiin | 3ffaa | Qeenxee | Dhalaa |
| Isaan | 3ffaa | Danuu | Dhiira/dhalaa |

# Boqonnaa 8: Iddoo

**(Wayitii 10)**

**Seensa**

Boqonnaa kana keessatti barattoonni dubbisa dubisamuuf dhaggeeffatanii hubannoo isaanii ibsu. Kana malees, seenaa jireenya nama beekamaa tokkoo fakkeenya godhatanii seenaa jireenya isaanii odeeffannoo guutuu kennuu barreessuu shaakalu. Keeyyata dubbisuudhaan ergaa isaa himu. Himoota jalqabaman ergaa guutuu akka dabarsanitti xumuruudhaan barreessuus nishaakalu. Jechoota qaamolee lafaa ibsan fakkii ilaalanii ibsuufi bamaqaa abbeentaatiin qabeenya mataa isaaniifi kan hiriyoota isaanii ibsu nibaratu. Bu'aalee barachuu kanneen galmaan gahuuf, gilgaalonni adda addaa qophaa'an jiiru. Kanaafuu, barsiisonni kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kan walcina qabuun fayyadamuun barbaachisaadha.

**Bu'aalee barachuu:**

**Xumura boqonnaa kanaatti barattoonni:**

- dubbisa dhaggeeffatanii ergaa isaa nihimu;
- seenaa jireenya isaanii himu;
- keeyyata dhiyaate dubbisuun ergaa callaafi dimshaashaa nihimu;
- himoota jalqabaman ergaa guutuu akka dabarsanitti xumuruun nibarreessu;
- jechoota qaamolee lafaa ibsan fakkii ilaalanii ni'himu;
- bamaqa abbeentaatiin qabeenya mataa isaaniifi kan hiriyoota isaanii ni'ibsu.

**Qabiyyee**

1. Dhaggeeffachuufi dubbachuu (Wayitii 3)

2. Dubbisuu (Wayitii 2)
3. Fayyadama jechootaa (Wayitii 1)
4. Barreessuu (Wayitii 3)
5. Caasluga (Wayitii 1)

## Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Barannoo kanaa keessatti barattoonni:

- dubbisa dhaggeeffatan ergaa isaa nihimu;
- seenaa jireenya isaanii odeeffannoo guutuu ni'ibsu.

**Gilgaala 1.**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- fakkii kitaaba isaanii irra jiru ilaaluun waan hubatan akka himan taasisuu;
- barattoonni gareen akka irratti mariyatan gochuu;
- yommuu isaan mariyatan gidduu isaanii deddeemuun hordofuufi deeggaruu;
- dhaggeeffachuuf akka qophaa'an gochuu.

**Gilgaala 2**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- Barattoonni dubbisa dhiyaateef osoo hindhaggeeffatiin dura gaaffilee dhaggeeffachuun duraa akka hubataniifi dabtara isaanii irratti akka barreeffatan taasisuu;
- Dubbisicha saffisa garagaraan yeroo sadii dubbisuu;

Dubbisuu jalqabba- callisanii dhaggeeffatu

Dubbisuu lammaffaa – deebii guuttatu

Dubbisuu sadaffaa - deebii isaanii mirkaneeffatu

- Deebii isaanii gareen akka irratti mariyatan taasisuu.

Deebii

1. kiiloo meetirii 50
2. kibbaa
3. kunuunsuufi eeguu

## Malkaa Qunxurree

Oromiyaan iddoowwan hawwata turiistootaa hedduu qabdu keessaa tokko Malkaa Qunxurreeti. Malkaan Qunxurree Magaalaa Finfiinneerra kara kibbaatti naannoo kiiloo meetirii 50 fagaatee argama. Bakki itti argamus Godina Addaa Oromiyaa Naannawa Finfinnee aanaa Sabbataa Hawaas keessattidha. Bakki kun bakka seena qabeessaafi beekamaadha. Iddoon kun bakka hafteen lafee dhala namaa durii itti argamu. Kanaafuu, iddoo seena qabeessa ta'e kana kunuunsuufi eeguun barbaachisaadha.

**Gilgaala 3**

**Gahee barsiisaa/tuu:**

- dubbisa dhiyaate erga dhaggeeffataniin booda, gaaffilee filannoo dhiyaate dhuunfaan akka deebisan haala mijeessuu;
- deebii isaaniif duubdeebii kennuu.

**Deebii**

1. A 2. B 3. C

**Gilgala 4**

**Gahee Barsiisaa/tuu**

- dubbisa dhiyaate osoo hindubbisiin dura, gaaffilee dhiyaatan dhuunfaan akka deebisan taasisuu;
- fakkiin itti aanee jiru eenyu akka ta'eefi maaliin akka beekamu akka himan taasisuu

**Gilgaala 5A**

- barattoonni hubannoo seenaa jireenyichaa argachuufi dhiisuu isaanii mirkaneeffachuuf gaaffilee dubbisa keessaa bahaan gareen irratti mariyatanii akka deebii isaa dareef ibsan taasisuu.
- duubdeebii kennuu

**Deebii**

**5A**

1. **Booda Aabboo**
2. **1949**
3. **Ameerikaa**
4. **Ogbarruu**

**Gilgaala 5B**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- seenaa jireenyaa Looreet Tsaggaayee Gabiremadin fakkeenya taasifachuun seenaa dhuunfaa isaanii akka walitti himan taasisuu;
- ➢ gareewwan keessaa tokko tokko dareef seenaa jireenyaasaanii akka ibsan gochuu;
- ➢ seenaa jireenya isaanii yoo ibsan kanneen armaan gadii hima guutuun akka ibsan gargaaruu.

- maqaa isaanii
- maqaa abbaafi haadhaa
- bakka dhalootaa godina, aanaafi ganda
- bara dhalootaa
- mana barumsaa olmaa daa'immaniifi sadarkaa tokkoffaa

## Barannoo 2: Dubbisuu

Barannoo kanaa keessatt,i barattoonni:

- dubbisa dhiyaate dubbisuun ergaa callaafi dimshaashaa isaa ni'ibsu;

**Gilgaala 6**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- **b**arattoonni dubbisa dhiyaate osoo hindubbisii gaaffilee dubbisuun duraa akka deebisan gaafachuu;
- hundi dubbachuuf carraa akka argatu haala mijeessuu;
- gaaffilee dhiyaataniif deebiin kennanu hubannoo qaban kan ibsuufi deebii murtaawaa kan hinqabne ta'uu hubachuun duubdeebii kennuu dhiisuu.

**Gilgaala 7**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- gaaffilee yeroo dubbisuu dabtara isaaniirratti akka barreeffataniifi sirriitti hubatan gochuu;

- dubbisicha saffisaafi callisaan dubbisaa gaaffileef deebii akka kennan qajeelchuu;
- yommuu isaan dubbisan gidduu isaanii deddeemuun hordofuufi deeggaruu.

  **Deebii**

  1. daawwee qaccan
  2. 16.5 km
  3. yeroo torba

**Gilgaala 8**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- baarattoonni dubbisicha irra deebi'anii dubbisuun gaaffilee dubbisa keessaa bahan akka deebisan gochuu;
- dhumarratti, duubdeebii kennuu.

## Barannoo 3: Barreessuu

Barannoo kanaa keessatti barattoonni:

- himoota jalqabaman ergaa guutuu akka dabarsanitti xumuruun nibarreessu;

**Gilgaala 9**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- matimaafi gochima walsimsiisuu akka shaakalan gargaaruu;
- barattoonni jechoota kennameef keessaa kan sirrii ta'e filatanii hima akka xumuranu fakkeenya ifa ta'e kennuu;

- barattoonni akka walgargaaranii hojjetaniif garee hundeessuu;
- dhumarratti, duubdeebii kennuun xumuruu.

**Deebii**

**Gilgaala 9A**

1. taphatan
2. nyaate
3. dubbiste
4. deeme
5. dhugan
6. bite
7. taphatan

**Deebii 9B**

Deebiin gilgaala kanaa murtaawaa miti. Barattoonni muuxannoofi hubannoo qaban irratti hundaa'uun barreessu.

## Barannoo 4: Fayyadama Jechootaa

Barannoo kanaa keessatti barattoonni:

- jechoota qaamolee lafaa ibsan fakkii ilaaluun nibarreessu.

**Gilgaala 10**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- barattoonni qaamolee lafaa addaa baasanii akka hubatan ibsa kennuu;
- barattoonni fakkiilee jiran ilaalanii garaagarummaa jechoota tulluufi tabbaa, sululaafi hallayyaa, dirreefi caffee akka adda baafatan gochuu;
- barattoonni lama lamaan yookiin gareen akka waliin hojjetan gochuu;
- dhumarratti, barattoonni sirriitti hubachuu isaanii mirkaneeffachuu.

## Barannoo 5: Caasluga

Barannoo kanaa keessatti barattoonni:

- bamaqa abbeentaatiin qabeenya mataa isaaniifi kan hiriyoota isaanii ni'ibsu.
- Bamaqaaleen abbeentaa hima keessatti matima kan waliin adda baasu

**Gilgaala 11**

**Gahee barsiisaa/tuu**

- bamaqaa abbeentaatti fayyadamanii qabeenya mataa isaaniifi kan hiriyoota isaanii akka ibsan fakkeenya kennuun itti agarsiisuu;
- waantota qabatamaa daree keessaa kanneen akka kitaabaa, qubeessaa, baruuleefi kanneen birotti gargaaramuun bamaqaalee abbeentaa qabatamaan barsiisuu;
- duubdeebii kennuu.

**Deebii gilgaala12**

1. c
2. d
3. a
4. b
5. g
6. e
7. f

# Siilabasii Barnoota Afaan Oromoo (Akka Afaan Lammaffaatti)

## Kutaa 6

**Biiroo Barnootaa Oromiyaa 2014/2022**

# Baafata

Mataduree
Fuula

Seensa ........ 66

Boqonnaa Tokko: Nagaa Walgaafachuu (Wayitii 10)........ 70

Boqonnaa Lama: Maatii (Wayitii 10) ........ 74

Boqonnaa Sadii: Galgaleefi Mana Barnootaa Ishee (Wayitii 10) ........ 77

Boqonnaa Afur: Sheekkoo (Wayitii 10)........ 79

Seemisteera II........ 82

Boqonnaa Shan: Meeshaalee Manaa (Wayitii 10) ........ 82

Boqonnaa Ja'a: Sheekkoo (Wayitii 10)........ 85

Boqonnaa Torba: Halluu (Wayitii 10) ........ 88

Boqonnaa Saddeet: Iddoowwan (Wayitii 10) ........ 91

## Seensa

Itoophiyaan biyya sabaafi sablammootaa afaanonni garaagaraa 80 ol keessatti dubbatamuudha. Afaanota kanneen keessaa baayyeen isaanii naannoo adda addaatti afaan hojiifi afaan barnootaa kutaa 1-4 akkasumas 1-8 ta'anii akka fedhii hawaasaatti tajaajilaa jiru. Akkaataan afaanonni itti barsiifaman fedhii, galma yookiin bu'aa naannon barbaadu waan murteessuuf itti fayyadama ykn tajaajila afaanota garaagaraa irratti dhiibbaa qaba.

Afaan dhalootaa biratti dabalataan afaan biyya keessaa barachuun qunnamtiifi waliigaltee namootaafi saboota gidduutti godhamu milkeessuuf yookiin mijeessuuf baayyee murteessaadha. Kana malees, aadaa saba biraa baruufi carraa hojii argachuu bal'isuuf nigargaara. Kanaafuu, kaayyoon afaan lammaffaa manneen barnootaa keessatti kennuu barattoonni aadaa walii akka baran, caalaatti akka wal hubataniifi waliigalan taasisa. Dandeettii afaanii ga'umsa qabu horachuun jireenya barattoota mijeessuun naannoon osoo hindaanga'in namootaan salphatti akka waliigalan taaisuuf carraa uuma; darbees tokkummaa cimsuun akka naannoofi akka biyyaatti akka yaadan taasisa.

Dandeettii af-lamee/af-heddee horachuun barattootaaf faayidaalee hedduu qaba: dandeettii gadi fageenyaan yaaduu, rakkoo furuu, hariiroo uumuu, aadaa walii dinqisiifachuu, amataafi seenaa walii kabajuu akka horatatn taasisa. Bu'uuruma kanaan, kaayyoolee kannneen galmaaan ga'uuf silabasiin Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barsiisuuf tajaajilu kun qophaa'e. Hayyoonni afaanii silabasii kanaa akka ka'umsaatti gargaaramuun meeshaalee barnootaa adda addaa barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammmaffaatti naannoo Oromiyaafi naannoolee biroo keessatti barataniif qopheessuu nidanda'u.

Qabiyyeen afaan federaalaa yookaan afaan lammaffaa barsiisuuf filatamu dandeettii bu'uuraa afaanii afran (dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu)fi dandeettii caaccuulee afaanii kanneen akka seerlugaafi ogbarruu irratti xiyyeeffata. Haata'uu malee, Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barsiisuu keessatti ga'umsa afaan waliigaltee barattootaa dagaagsuufi cimsuuf xiyyeeffannoo olaanaan addatti dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuuf kennama.

Akkaataa hammattoo Ministeerri Barnootaa Federaalaa naannooleef gadi buusetti mata dureewwan dandeettii dubbisuu barsiisuuf oolan dhimmoota hundagaleessa (cross cutting) akka saayinsiifi teeknooloojii, dhibee Koronaafi HIV, kornayaa, tokkummaafi aad-heddummaa, taaksiifi gibira, jijjiirama qilleensaa, jaalala biyyaa, beekumsa xabboo, keessummessummaa, araada, barnoota hunda hammattoo, dandeettiifi ogummaa jaarraa 21ffaa, aadaa hojiifi oomishtummaafi koligaltummaan kan walqabatan ta'uu akka qabu ni'eera. Waan kana ta'eef, qophiin silabasiifi kitaaba barattootaa dhimmoota ijoo adda ba'an kana jiddugaleessa godhachuu qaba.

Qophiin silabasii Afaan Oromoo kuniis dhimmoota Ministeerri Barnootaa eereen maddiitti dhimmoota naannoo Oromiyaa calaqqisan bu'uureeffachuun haala qabatamaa naannootti madaqsuun adeemsifama.

**Akeeka**

Akeekni afaan lammaffaa barsiisuu lammii af-heddeefi aad-heddee keessatti afaanicha fayyadamee waliigaluu danda'u oomishuudha. Kunis, rakkoo waliigaltee sababa garaagarummaa aadaatiin mudachuu danda'u furuudha. Sirni barnootaa afaan lammaffaa, lammii afaanota garaagaraatiif ilaalcha gaarii qabu, yaad-sammuudhaan dagaage duudhaafi beekumsa hawaasaa labataa labatatti afaaniifi barreeffamaan darbaa dhufe dinqisiifatu oomishuuf kan kaayyeffate. Caalaatti sirni barnootichaa qabxiilee gaditti tarreeffaman galmaan ga'uuf kan akeekeedha.

- Mala qunnamtiin barsiisuun itti fayyadama afaan lammaffaa sirnaan barattoota gonfachiisuu;
- Dandeettii afaanii bu'uura barnoota egereef isaan barbaachisu horachiisuu;
- Ilaalcha barattoonni dandeettii dubbisuuf qaban cimsuun dubbisuun hubannoofi beekumsa akka horatan taasisuu;
- Barattoonni yaada, fedhii, duudhaafi muuxannoo qaban afaaniifi barreeffaman ga'umsaan akka ibsatan taasisuu;
- Dandeettii kalaqaa jajjabeessuu;
- Ga'umsa dandeettiiwwan afaanii bu'uraafi xixiqqaa afaan lammaffaa barattootaa dagaagsuu;
- Dandeettii barattoonni afaan tokkoffaatti qaban gara afaan lammaffaati akka fidan jajjabeessuu;

## Kaayyoo

Silabasichi kaayyoolee asii gaditti tarreeffaman qaba:

- dandeettii afaan fayyadamuun waan haarawaa uumuu, kalaquu fi hojii uumuu nihoratu;
- waan baratame ga’umsaafi namuusaan jiruufi jireenya keessatti nifayyadamu;
- beekumsa xabboo , fooyya’insa dhuunfaafi qunnamtii hawaasaaf nifayyadamu;
- oomishaafi oomishitummaa ammayyeessuufi guddisuuf barreeffamoota gargaaraatti nifayyadamu;
- jireenya dhuunfaafi waliinii jiraachuuf seenafi aadaa biyyaa, mirgaafi dirqama lammummaa nihubatu;
- beekumsaafi dandeetti guddina dhuunfaafi dagaagina hojiif haala qabatamaa keessatti nifayyadamu;
- jijjiiramaa akka biyyaafi addunyaatti adeemaa jiru wajjiin tarkaanfachuuf dandeettii gadi fageenyaan yaaduu, rakkoo furuufi qunnamtii bu’a qabeessa nifayyadamu;
- waliin hojjachuufi walirraa barachuuf dandeettiifi beekumsatti nifayyadamu;
- beekumsa ammayyaa, dandeettifi sonawwan akkasumas, sirna barnotaa haaraafi dhimmoota waytaawaa xiyyeeffannoo barabaadan guddina naannoofi biyyaaf nifayyadamu;
- afaanoota hundaaf ilaalcha walfakkaatu niqabaatu;
- Hoggansa ga’umsa qabuu horachuun ,murteessuu dandaa’uufi itti gaafatamumma qabu nihoratu;

## Boqonnaa Tokko: Nagaa Walgaafachuu (Wayitii 10)

### Kaayyoowwan

**Xumura boqonnaa kanaatti barattoonni:**

- ✓ bilbila gargaaramuun waliin dubbii nitaasisu;
- ✓ waa'ee mataa ofii isaanii ibsuu nidanda'u;
- ✓ jechoota sagalee gabaabaa/dheeraa, laafaa/jabaa qaban adda nibaafatu;
- ✓ jechoota sagalee gabaabaa/dheeraa, laafaa/jabaa adda baasuun nibarreessu;
- ✓ maqaa meeshaale qonna aadaa adda nibaasu;
- ✓ maqaalee dhuunfaa nitarreessu.

| Ga'umsa | Qabiyyeeyee | Haala dhiyeenyaa | Mala barachuufi barsiisuu | | MD | Yeroo | Hordoffiifi deegarsa | Madaallii |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Ga'ee barsiisaa | Ga'ee barataa | | | | |
| Bilbila gargaaramuun waliin dubbii taasisuu<br><br>Sirriitti of ibsuun seenaa ofii gabaabsanii himuu | Dhaggeeffachuufi Dubbachuu | Moodeela faakkeenya waliin dubbii teelephoonaa dhiyeessuuu<br><br>Hiriyoota waliin walbaruuf akka of beeksisanifi seenaa ofii isaanii gabaabsanii himan fakkeenyaan dhiyeessuuu | Akka fakkeenya kennameefitti waliin dubbii teelefoonaa akka taasisan haala mijeessuu<br><br>Fakkeenya kennameef irratti hundaa'uudhaan barattoota hundaaf carraa kennuun of beeksisanii seenaa isaanii gabaabsanii akka himan qajeelchuu | Fakkeenya kennameef hordofuun waliin dubbii teelefoonaa taasisuu<br><br>Hiriyoota waliin walbaruun seenaa jireenyaa isaanii walitti himuu | | 3 | Waliin dubbii taasisan sirriitti hubachuu isaanii mirkaneeffachuun deeggarsa kennuu<br><br>Of ibsuufi seenaa jireenya isaanii sirriitti himachuu isaanii hordofuun bakka hanqinni muudatetti deeggaruu | Waliin dubbii taasisan ergaasaa hubachuu isaanii gaaffii afaaniitiin madaaluun yaaddeebii kennuu<br><br>Maqaa, bara dhalootaa, bakka irraa dhufanfi maatii keessaa dhufan akka ibsan gaafachuu |

| | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Jechoota sagalee gabaabaa/dheeraa akkasumas laafaa/jabaa qaban dubbisuu | **Dubbisuu** | Jechoota sagalee gabaabaa/dheeraa, laafaa/jabaa qaban gabatee keessatti tarreessuun dhiyeessuu | Jechoota sagalee gabaabaa/dheeraa, laafaa/jabaa qaban adda baasuun fakkeenyaan agarsiisuu | Jechoota gabatee keessatti dhiyaatan sagalee gabaabaa/dheeraa, laafaa/jabaa qaban akka fakkeenya kennameefiitti adda baasanii dubbisuu | | 2 | Barattootni sagaloota laafaa/jabaa akkasumas gabaabaa/dheeraa adda baasanii dubbisuu danda'uu isaanii hordofuun deeggarsa kennuu | Jechoota sagaloot laafaa/jabaa akksumas gabaabaa/dheeraa qaban dabalataa akka hojmaneetti kennuufiin adda baasanii akka fidan taasisuun, yaaddeebii kennuu |
| Jechoota sagalee gabaabaa/dheeraa akkasumas laafaa/jabaa qaban barreessuu | **Barreessuu** | Jechoota sagalee gabaabaa/dheeraa, laafaa/jabaa qaban dhiyeessuu | Jechoota sagalee gabaabaa/dheeraa, laafaa/jabaa qaban fakkeenya kennuudhaan akka adda baasanii barreessan qajeelchuu | Jechoota isaaniif dhiyaatan fakkeenya godhachuun jechoota biroo sagalee gabaabaa/dheera, laafaa/jabaa atti adda baasuun barreessuu | | 3 | Jechoota kennamaniif sagalee gabaabaa/dheeraa, laafaa/jabaadhaan adda baasanii barreessuu danda'uu isaanii hordofuun deeggaruu | Jechoota sagalee gabaabaa/dheeraa, laafaa/jabaa qaban kan biroo adda baasanii barreessuu danda'uu isanii madaaluun yaaddeebii kennuu |

| | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Maqaalee meeshaa qonna aadaa adda baafachuu | **Fayyadama Jechootaa** | Meeshaalee qonnaa aadaatiif itti fayyadaman fakkiidhaan maqaa isaanii walbira qabuun dhiyeessuu | Meeshaale qonna aadaa fakkiin dhiyaate irratti akka walmari'atan haala mijeessuu, | Meeshaale qonna aadaa fakkii dhiyaate irraa ilaalanii walmari'achuun maqaa isaanii adda baasu | | 1 | Meeshaale qonna aadaa fakkii dhiyaate irraa ilaalanii maqaa isaanii adda baasuu hordofuun deeggaruu | Maqaa meeshaalee qonna aadaa waamuu danda'uu isaanii madaaluun yaddeebii kennuu |
| Jechoota maqaa dhuunfaa ta'an adda baasanii ibsuu | **Caasluga** | Maqaa dhuunfaa ilaalchisuun maqaa namootaa, kuduraaleefi muduraalee, bineeldotaafi kkf dhiyeessu | Jechoota maqaa dhuunfaa ta'an muraasa akka fakkeenyaatti kennuun, kan biroo akka dabalataan dhiyeessan qajeelchuu | Fakkeenya dhiyaate hordofuun maqaalee dhuunfaa dabalataa tarreessuu | | 1 | Maqaalee dhuunfaa adda baafachuu isaanii hordofuun bakka hanqinni jirutti deeggarsa kennuu | Maqaalee adda addaa tarreessuufiin maqaalee dhuunfaa ta'an akka adda baasan taasisuun yaaddeebii kennuu |

## Boqonnaa Lama: Maatii (Wayitii 10)

### Bu'aalee barachuu

**Xumura boqonnaa kanaatti barattoonni:**

- ✓ jechoota sagaloota gabaabaa/dheeraa, laafaa/ jabaa qaban dhaggeeffatanii adda baasu;
- ✓ kutaalee nafa namaa jechaan/himaan ibsuu nidanda'u;
- ✓ jechoota hariiroo waliin qaban dubbisanii hubachuun walitti firoomsu;
- ✓ jechoota sagalee laafaa/jabaa, hudhaafiirra butaa barreessu nishaakalu;
- ✓ maqaalee meeshaa qonna ammayyaa adda baasanii ni'ibsu;
- ✓ jechoota maqaale waloo adda baasanii nihimu.

| Ga'umsa | Qabiyyee | Haala dhiyeenyaa | Mala barachuufi barsiisuu | | MD | Yeroo | Hordoffiifi deegarsa | Madaallii | Yaad |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Ga'ee barsiisaa | Ga'ee barataa | | | | | |
| echoota sagaloota gabaabaa/dheeraa, laafaa/ jabaa qaban dhaggeeffatanii adda baasuu<br><br>Kutaalee nafa namaa jecha/himaan ibsuu | Dhaggeeffachuufi dubbachuu | Jechoota Afaan Oromoo sagalee (gabaabaa/dheeraa , laafaa/ jabaa,) of keessatti hammatan dhiyeessuu Kutaalee nafa namaa mul'atoo ta'an fakkiifi maqaa gargaaramuun dhiyeessuu | Jechoota Afaan Oromoo sagalee (gabaabaa/dheeraa, laafaa/ jabaa) dhiyaatan tokkoo tokkoon isaanitiif lama, lamaa ykn gareen ta'anii, mari'achuudhaan haaluma walfakkatuun jechoota biroo akka kennan qajeelchuu Fakkeenya itti himuudhaan, barattoonnis haaluma walfakkaatuun waa'ee kutaalee nafa isaanii akka walitti himan taasisuu | Jechoota Afaan Oromoo dhaggeeffatan keessaa sagalee gabaabaa/dheeraa, laafaa/ jabaa qabaachuu isaanii adda baasuun barreessu Fakkeenya kennameefirratti hundaa'udhaan, waa'ee maqaalee kutaalee nafa namaa walitti himuu | | 3 | Barattoonni waa'ee jechoota Afaan Oromoo sagalee (gabaabaa/dheeraa, laafaa/ jabaa), hubachuudhaan adda baafachuu isaanii hordofuun deeggaruu Fakkeenya kennameefirratti hundaa'udhaan, waa'ee maqaalee nafa namaa fuulleetti mul'atan walitti himuu danda'uu isaanii hordofuun deeggaruu | Barattoonni waa'ee jechoota Afaan Oromoo sagalee (gabaabaa/dheeraa, laafaa/ jabaa), hubachuu isaanii jechoota sagalee addaaddaa qaban gaafachuun yaad-deebii kennuu Fakkeenya kennameefirratti hundaa'udhaan, waa'ee maqaalee nafa namaa fuulleetti mul'atan walitti himuu danda'uu isaanii mirkaneessuun yaad-deebii kennuu | |

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Jechoota hariiroo firummaa qaban dubbisanii hubachuun walitti firoomsuu | **Dubbisuu** | Jechoota walitti dhufeenya maatii ibsan caatoo keessatti dhiyeessuu | Barattoonni dubbisa dhiyaateef dubbisuudhaan akasumas gareen waliin mari'achuudhaan jechoota maqaalee firoottan isaanii waliin hariiroo qaban, akka waamaniifi, akka walitti firoomsan qajeelchuu | Barattoonni dubbisa dhiyaateef dubbisuudhaan, jechoota maqaalee firoottan isaanii waliin hariiroo qaban, waamuun akkasumas waliin mari'achuun walitti firoomsu | | 2 | Barattoonni dubbisa dhiyaateef dubbisuudhaan, jechoota maqaalee firoottan isaanii waliin hariiroo qaban, waamuudhaan, walitti firoomsuu danda'uu isaanii hordofuun deeggaruu | Barattoonni dubbisa dhiyaateef dubbisuudhaan, jechoota maqaalee firoottan isaanii waliin hariiroo qaban, waamuudhaan, waliin mari'atanii walitti firoomsuu danda'uu isaanii madaaluun yaad-deebii kennuu | |
| Jechoota sagalee laafaa/jabaa, hudhaa fiirra butaa barreessuu | **Barreessuu** | Jechoota sagalee laafaa/jabaa, hudhaa, irra butafi kkf gabatee keessatti dhiyeessuu | Barattoonni jechoota gabatee keessatti dhiyaatan, bifa laafaa/jabaa, hudhaa, irra butafi kkf niin qindeessanii akka barreessan qajeelchuu | Barattoonni jechoota gabatee keessatti dhiyaataniif, bifa laafaa/jabaa, hudhaa, irra butafi kkf niin qindeessanii barreessuu | | 3 | Barattoonni jechoota gabatee keessatti dhiyaataniif bifa laafaa/jabaa, hudhaa, irra butafi kkf niin qindeessanii barreessuu danda'uu isaanii hordofuun deeggarsa kennuu | Barattoonni jechoota sagalee laafaa/jabaa, hudhaa, irra butafi kkf of keessaa qaban barreessuu danada'uu isaanii madaaluun yaad-deebii kennuu | |
| faayidaalee meeshaa qonna ammayyaa adda baafachuu | **Fayyadama** | Jechoota faayidaalee qonna ammayyaa ibsan fakkiin dhiyeessuu | Barattoonni fakkiifi jechoota kitaaba barattootaarratti dhiyaataniif gareedhaan erga irratti mari'ataniin booda akka walitti firoomsan haala mijeessuu | Barattoonni fakkiifi jechoota kitaabarratti dhiyaataniif irratti mari'achuudhaan walitti firoomsuu | | 1 | Barattoonni fakkiifi jechoota kitaabarratti dhiyaataniif gareedhaan irratti mari'atanii walitti firoomsuu danda'uu isaanii hordofuun deeggaruu | Fakkiifi jechoota kitaabarratti dhiyaataniif walitti firoomsuu danda'uu isaanii adda baafachuun yaad-deebii kennuu | |

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Jechoota maqaale waloo adda baasanii himuu | **Caasluga** | Garee jecjhoota maqaalee waloo adda addaa fakkiidhaan dhiyeessuu | Maqaan waloo maal akka ta'e fakkeenya kannuun ibsuudhaan, fakkiilee kitaaba barattootaarrattii dhiyaatan keessaa gareen irratti mari'achuudhaan jechoota maqaa waloo ta'an akka adda baafatan qajeelchuu | Barattoonni fakkeenya kennameefirratti hundaa'uun, fakkiilee kennaman keessaa maqaalee waloo adda baafatu | | 1 | Barattoonni fakkeenya kennameefirratti hundaa'uun, fakkiilee kennaman keessaa maqaalee waloo adda baafachuu danda'uu isaanii hordofuudhaan deeggarsa kennuu | Jechoota adda addaa waliin makanii kennuudhaan akka barattoonni maqaa waloo keessaa baasan hoj-manee kennu | |

Boqonnaa Sadii: Galgaleefi Mana Barnootaa Ishee (Wayitii 10)

**Bu'aalee Barachuu**

**Xumura boqonnaa kanaatti barattoonni:**

- ✓ odeeffannoo guutuu dhaggeeffatan irra deebi'anii nihimu;
- ✓ dalagaalee torban torbaniin manaafi mana barnootaa keessatti hojjetan irratti waliin nidubbatu;
- ✓ himoota sasalphaa keeyyaata keessa jiran qajeelchanii dubbisuu nidanda'u;
- ✓ jechoota dalagaalee guyyaa, guyyaattiin walqabatan fayyadamuudhaan, himoota ykn keeyyata gabaabaa nibarreessu;
- ✓ jechoota qaamolee bishaanii ibsan adda baafatu;
- ✓ gochaalee yeroo ammaa raawwataa jiran ni'ibsuu.

| **Ga'umsa** | **Qabiyyee** | **Haala dhiyeenyaa** | **Mala barachuufi barsiisuu** | | **MD** | **Yeroo** | **Hordoffiifi deegarsa** | **Madaallii** | **Yaad** |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | **Ga'ee barsiisaa** | **Ga'ee barataa** | | | | | |
| Odeeffanno o bal'inaan dhaggeeffat anii himuu<br><br>Dalagaalee turban torbaniin manaafi mana barnootaa keessatti hojjetan ibsuu | **Dhaggeeffachuufi dubbachuu** | Dubbisa Odeeffannoo waa'ee mana barumsaa qabu qajeelcha barsiisaa keesatti dhiyeessuu<br><br>Odeeffannoo gochaalee torban torbaniin manaafi mana barnootaatti hojjetan fakkiidhaan dhiyeessuu | Barattoonni dubbisa dhiyaateef qixa sirriin dhaggeeffachuudhaan akka gareedhaan irraatti mari'atanii yaad-rimee isaa walitti himan gochuu<br><br>Barattoonni wantoota turban, torbaniin manaafi mana barnootatti hojjetan fakkiidhaan dhiyaateef ilaaluun akka walitti himan haala mijeessuu | Barattoonni dubbisa dhiyaateef qixa sirriin dhaggeeffachuun irratti mari'atanii yaad-rimee isaa walitti himuu<br><br>Barattoonni wantoota turban, torbaniin manaafi mana barnootatti hojjetan fakkii kenname gargaaramuun walitti himuu | | 3 | Barattoonni dubbisa dhiyaateef qixa sirriin dhaggeeffachuun irratti mari'atanii yaad-rimee isaa walitti himuu danda'uu isaanii hordofuun deeggarsa kennuu<br>Barattoonni wantoota torban, torbaniin manaafi mana barnootatti hojjetan walitti himuu danda'uufi dhiisuu isaanii hordofuun deeggaruu | Barattoonni dubbisa dhiyaateef qixa sirriin dhaggeeffachuun yaad-rimee isaa hubachuu isaanii gaaffii afaanitiin madaaluu<br><br>Barattoonni wantoota turban, torbaniin manaafi mana barnootatti hojjetan walitti himuu danda'uufi dhiisuu isaanii mirkaneessuun yaad-deebii kennuu | |

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| keeyyaata Himoota sasalphaa irraa ijaarame qajeelchanii dubbisuu | **Dubbisuu** | Keeyyata himoota sasalphaa qaban kitaaba barattootaarratti dhiyeessuu | Barattoonni dubbisa dhiyaate keessaa himoota sasalphaa ta'an akka sagalee ol kaasuudhaan waliif dubbisan qajeelchuu | Barattoonni dubbisa dhiyaate keessaa himoota sasalphaa ta'an adda baasuudhaan, sagalee ol kaasanii waliif dubbisuu | | 2 | Barattoonni dubbisa dhiyaate keessaa himoota sasalphaa ta'an adda baasuudhaan sagalee ol kaasanii, waliif dubbisuu danda'uu isaanii hordofuun deeggarsa kennuu | Barattoonni keeyyata dhiyaate keessaa himoota sasalphaa ta'an adda baasuudhaan, sagalee ol kaasanii waliif dubbisuu danda'uu isaanii mirkaneessuun yaad-deebii kennuu | |
| Jechoota dalagaalee guyyaa, guyyaattiin walqabatan, himoota ykn keeyyata gabaabaa ijaaruu | **Barreesuu** | Jechoota yeroo maraa yookiin guyyaa, guyyaatti faayidaarra oolan dhiyeessuu | Barattoonni jechoota yeroo maraa ykn guyyaa, guyyaatti faayidaarra oolan fayyadamuudhaan, himoota ykn keeyyata gabaabaa akka ijaaran fakkeenya kennuu | Fakkeenya kennamerratti hundaa'uun barattoonni jechoota yeroo maraa ykn guyyaa, guyyaatti faayidaarra oolan fayyadamuudhaan,himoota ykn keeyyata gabaabaa ijaaruu | | 3 | Fakkeenya kennamerratti hundaa'uun barattoonni jechoota yeroo maraa ykn guyyaa, guyyaatti faayidaarra oolan fayyadamuudhaan,himoota ykn keeyyata gabaabaa ijaaruu danda'uu isaanii hordofuun deeggaruu | Barattoonni jechoota yeroo maraa ykn guyyaa, guyyaatti faayidaarra oolan fayyadamuudhaan,himoota ykn keeyyata gabaabaa ijaaruu danda'uu isaanii mirkaneeffachuun yaad-deebii kennuu | |
| Jechoota qaamolee bishaanii ibsan adda baafatu | **Fayyadama jechootaa** | Jechoota adda addaa qaamolee bishaanii ibsan dhiyeessuu | Fakkeenya kennuudhaan, barattoonni akka qaama bishaanii naannoo isaanii jiran yookiin asiin dura beekan akka barreessan qajeelchuu | Fakkeenya kennamerratti hundaa'uudhaan, barattoonni akka qaama bishaanii naannoo isaanii jiran yookiin asiin dura beekan barreessuu | | 1 | Fakkeenya kennamerratti hundaa'uudhaan, barattoonni akka qaama bishaanii naannoo isaanii jiran yookiin asiin dura beekan barreessuu danda'uu isaanii hordofuun deeggarsa kennuu | Fakkeenya kennamerratti hundaa'uudhaan, barattoonni qaama bishaanii naannoo isaanii jiran yookiin asiin dura beekan barreessuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuunyaad-deebii kennuu | |

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Gochaalee yeroo ammaa raawwataa jiran ibsuu | **Caasluga** | Jechoota gochoota adda addaa agarsiisan dhiyeessuu | Fakkii/fakkiilee kitaaba barataarratti dhiyaaterratti hundaa'uudhaan waan ta'aa jiruuf fakkeenya kennuun barattoonni akka hima ijaaran taasisuu | Barattoonni fakkeenya kennamerratti hundaa'uun, fakiin/fakkiileen walqabsiisanii waan ta'aa jirurratti hima ijaaruu | | 1 | Barattoonni fakkeenya kennamerratti hundaa'uun, fakiin/fakkiileen walqabsiisanii waan ta'aa jirurratti hima ijaaruu danda'uu isaanii hordofuun deeggaruu | Barattoonni fakkeenya kennamerratti hundaa'uun, fakiin walqabsiisanii waan ta'aa jiru hubatanii hima ijaaruu danda'uu isaanii mirkaneeffachuun yaad-deebii kennuu | |

## Boqonnaa Afur: Sheekkoo (Wayitii 10)

### Bu'aalee Barachuu

**Xumura boqonnaa kanaatti barattoonni:**

- ✓ faaruu dhaggeeffatan irra deebi'ani faarsu;
- ✓ sheekkoo/durdurii dhaggeeffatan irra deebi'anii nihimu/seenessu;
- ✓ durdurii salphaa dhiyaateef, dubbisuun yaadasaa toora niqabsiisu;
- ✓ jechoota sagalee hudhaa qaban barreessu;
- ✓ maqaa meeshaalee nyaata aadaa adda nibaafatu;
- ✓ ibsa maqaa bifaa/halluu hima keessatti nigargaaramu.

| Ga'umsa | Qabiyyee | Haala dhiyeenyaa | Mala barachuufi barsiisuu | | MD | Yeroo | Hordoffiifi deegarsa | Madaallii |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Ga'ee barsiisaa | Ga'ee barataa | | | | |
| Faaruu dhaggeeffatan irra deebi'ani faarsuu<br><br>Sheekkoo/dur durii dhaggeeffatan irra deebi'ani himuu/seenes suu/ | Dhaggeeffachuufi Dubbachuu | Faaruu beekamaa tokko waraabbii sagaleetiin dhageessisuu<br><br>Moodeela Sheekkoo/durdur i tokko akka fakkeenyaatti dhiyeessuu | Faaruu dhiyaate ef hubannoodhaan akka dhaggeeffatanii dura lama lamaan/gareen, itti aansuun immoo dhuunfaadhaan irra deebi'anii faarsaan haala mijeessuu<br><br>Fakkeenya dhiyaatteef, irra deebi'uun akka walitti himan yookiin kan kanaan dura beekan akka walitti himan qajeelchuu | Faaruu dhaggeeffatan irra deebi'uun lama, lamaan/gareedhaan, itti aansuudhaan immoo dhuunfadhaan faarsuu<br><br>Yaad-rimee fakkeenya dhiyaatteef, irra deebi'uun kan kanaan dura beekan akka walitti himan qajeelchuu | | 3 | Faarucha irra deddeebi'uun akka hubatan taasisuufi kan danqaman yoo jiraatan waliin akka walgargaaran haala mijeessuu<br><br>Yaad-rimee fakkeenya dhiyaatteef, irra deebi'uun walitti himuu danda'uu isaanii hordofuun deeggaruu | Faaruu dhaggeeffatan dhuunfaadhaan irra deebi'anii faarsuu isaanii madaaluun yaaddeebii keennuu<br><br>Yaad-rimee fakkeenya dhiyaatteef, irra deebi'uun walitti himuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuun yaaddeebii kennuu<br><br>Durdurii dhiyaate hubachuudhaan fakkiilee kannaman |
| Durdurii salphaa dubbisuun yaadasaa toora qabsiisuu | Dubbisuu | Dubbisa durdurii kitaaba barattootaa keesstti dhiyeessuu | Dubbisa durdurii "Culullleefi Qocaa jedhu akka dubbisanii hubatan taasisuun fakkii durdurichaa akka toora qabsiisan qajeelchuu | Durdurii dubbisanii hubannoo argataniin fakkii kitaaba barattootaa keesatti dhiyaate tartiiba sirriin teessisuu | | 2 | Durdurii kenname irra deddeebi'anii dubbisuun erga hubatanii booda fakkii dhiyaate akka tartiiba durdurichaatiin qindeessan qajeelchuun deeggaruu | tartiiba sirriin teessisuu isaanii mirkaneeffachuun yaaddeebii kennuu |

| | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Jechoota sagalee hudhaa barreessuu | Barreessuu | Jechoota sagalee hudhaa qaban adda addaa dhiyeessuu | Hudhaan eessatti akka argamuu danda'u ibsuu; jechoota hudhaa of keessaa qaban barreessuun agarsiisuu; akka of danda'anii barreessan qajeelchuu | Uummama hudhaa xiinxaluun, jechoota hudhaa of keessaa qaban hudhaa bakka sirrii isaatti galchuudhaan barreessuu | | 3 | Uummama hudhaa xiinxaluun, jechoota hudhaa of keessaa qaban hudhaa bakka sirrii isaatti galchuudhaan barreessuu | Jechoota hudhaa of keessaa qaban biroo waamuufiin barreessuu danda'uu isaanii adda baasuun yaaddeebii kennuu |
| Maqaa meeshaalee nyaata aadaa adda baafatu | Fayyadama jechootaa | Maqaa meeshaalee nyaati aadaa itti qophaa'ufi itti nyaatamu fakkii waliin dhiyeessuu | Meeshaalee nyaata aadaa fakkii isaanii waliin akka walitti firoomsan taasisuu | Fakkii ilaaluun maqaa meeshaalee nyaata aadaa walitti firoomsuu | | 1 | Fakkiilee ilaaluun maqaa meeshaalee nyaata aadaa walitti firoomsuu danda'uu isaanii hordofuun deeggaruu | Fakkiilee ilaaluun maqaa meeshaalee nyaata aadaa walitti firoomsuu danda'uu isaanii gaaffii afaanii gaafachuun yaaddeebii kennuu |
| Ibsa maqaa bifaa/halluu hima keessatti gargaaramuu | Caasluga | Ibsa maqaa bifaa/halluu adda addaa hima dhiyeessuu | Ibsa maqaa bifaa/halluu adda addaa hima keessatti fakkeenyaan agarsiisuun, haaluma walfakkaatuun akka hojjetan qajeelchuu | Fakkeenya kenname bu'uura godhachuudhaan ibsa maqaa bifaa/halluu adda addaa hima keessatti fayyadamuun, agarsiisuu | | 1 | Ibsa maqaa bifaa/halluu adda addaa hima keessatti fayyadamuu danda'uu isaanii hordofuun deeggaruu | Ibsa maqaa bifaa/halluu adda addaa hima keessatti fayyadamuu isaanii madaaluun yaaddeebii kennuu |

# Seemisteera II

## Boqonnaa Shan: Meeshaalee Manaa (Wayitii 10)

### Bu'aalee Barachuu

**Xumura boqonnaa kanaatti barattoonni:**

- ✓ Qajeelffamoota adda addaa hubachuun hojiitti nijijjiiru;
- ✓ Harka rukutuun Birsaga dubbisuu/lakkaa'uunidanda'u;
- ✓ Fakkii dubbisuun maalummaa isaa nihimu;
- ✓ Sagalee irra butaa adda baasanii barreessuu nidandau;
- ✓ Meeshaalee nyaata ammayyaa adda baasu;
- ✓ Maqaa qeenxeefi danuu adda baasuu;

| Ga'umsa | Qabiyyee | Haala dhiyeenyaa | Mala barachuufi barsiisuu | | MD | Yeroo | Hordoffiifi deegarsa | Madaallii | Yaada |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Ga'ee barsiisaa | Ga'ee barataa | | | | | |
| Qajeelffamoota hubachuu<br><br>Harka rukutuun Birsaga dubbisuu/ lakkaa'uu | Dhaggeeffachuufi dubbachuu | Dubbisa kallattiilee/iddoowwan agarsiisan qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyeessuu<br><br>Jechoota birsaga 2-4 qaban gabatee keessatti dhiyeessuu | Dubbisa dubbisamuuf qixa sirriin dhaggeeffatanii, fakkiilee kallattiilee/iddoowwan agarsiisan akka eeran/hordofan qajeelchuu<br><br>Harka walitti rukutuun akkamiin akka birsaga lakkaa'uun jecha dubbisan agarsiisuudhaan, Jechoota dhiyaatan, haaluma walfakkaatuun akka dubbisan haal mijeessuu | Dubbisa dubbisamuuf qixa sirriin dhaggeeffatanii, kallattiilee/iddoowwan eeraman agarsiisuu<br><br>Fakkeenya kennameef bu'uuraa godhachuudhaan jechoota gabatee keessatti kenaman birsagattii adda qoqqooduun harka walitti rukutanii waamuu | | 3 | Barattoonni dubbisa dubbisamuuf qixa sirriin dhaggeeffatanii, kallattiilee/iddoowwan eeraman agarsiisuu danda'uu isaanii hordofuun deeggaruu Jechoota gabatee keessatti kenaman birsagattii adda qoqqooduun harka walitti rukutanii lakkaa'uun dubbisuu danda'uu isaanii hordofuun deeggaruu | Dubbisa dubbisamuuf qixa sirriin dhaggeeffatanii, kallattiilee/iddoowwan eeraman agarsiisuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuudhaan gaaffii afaanii gaafachuun yaaddeebi kennuu<br><br>Jechoota gabatee keessatti kenaman birsagattii adda qoqqooduun harka walitti rukutanii lakkaa'uun dubbisuu danda'uu mirkaneefachuun gaaffii afaanii gaafachuun yaaddeebii kennuu | |

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| **Fakkii dubbisuu** | **dubbisuu** | Fakkii kitaaba barataa keessatti dhiyeessuu | Fakkii kitaaba barataa keesstti kenname daraan hubachuun maalummaa ykn hojii isaa dura dhuunfaan, itti aansuun immoo gareedhaan mari'atanii akka ibsan haala mijeessuu | Fakkii kitaaba barataa keessa jiru daraan hubachuun maalummaa ykn hojii isaa dhuunfaan, itti aansuun immoo gareedhaan mari'atanii ibsuu | | 2 | Fakkii kitaaba barataa keessa jiru daraan hubachuun maalummaa ykn hojii isaa ifatti ibsuu danda'uu isaanii hordofuun deeggaruu | Fakkii kitaaba barataa keessa jiru daraan hubachuun maalummaa ykn hojii isaa ifatti ibsuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuun hojii walfakkaatu akka hojjetan hoj-manee kennuu | |
| Sagalee irra butaa adda baasanii barreessu u | **barreessuu** | Gilgaala jechoota hedduu hammatan kitaaba baratootaa keessatti dhiyeessuu | Jechoota kennaman keessaa jecha irrabutaa tokko akka fakkeenyaatti baasee barreesuuniifi hima itti ijaaree agarsiisuun, kan hafan immoo barattoonnis haaluma walfakkaatuun akka hojjetan qajeelchuu. | Fakkeenya kennameef irratti hundaa'uun jechoota kitaaba barataarratti kennaman keessaa jechoota irrabutaa baasanii barreessuun, hima itti ijaaruu | | 3 | Fakkeenya kennameef irratti hundaa'uun jechoota kitaaba barataarratti kennaman keessaa jechoota irrabutaa baasanii barreessuun, hima itti ijaaruu isaanii hordofuun gargaaruu | Fakkeenya kennameef irratti hundaa'uun jechoota kitaaba barataarratti kennaman keessaa jechoota irrabutaa baasanii barreessuun, hima itti ijaaruu danda'uu isaanii madaaluu | |
| Meeshaal ee nyaata ammayya a adda baasuu | **Fayyadama jechaa** | Fakkiilee meeshaalee nyaata ammayyaa muraasa isaanii dhuyeessuu | Maqaa meeshaalee ammayyaa fakkii kitaaba barattootaarratti dhiyaan dhuunfaadhaan erga barreessanii booda, itti aansuun immoo gareedhaan mari'achuudhaan, dabalataan kan beekaan akka barreessan qajeelchuu | Maqaa meeshaalee nyaataa ammayyaa kitaab barattootarra jiran dhuunfaadhaan barreessuun, dabalataan immoo gareedhaan mari'atanii barreessuu | | 1 | Meeshaalee nyaataa ammayyaa kitaaba barattootaarra jiranitti dabalataan wal iyyaafatanii barreessuu danda'uu isaanii hordofuun deeggaruu | Meeshaalee nyaataa ammayyaa kitaaba barattootaarra jiranitti dabalataan wal iyyaafatanii barreessuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuun yaaddeebii kennuu | |
| Maqaa qeenxeefi danuu adda baasuu | **Caasluga** | Gilgaala maqaalee adda addaa of keessaa qabu gabatee keessatti dhiyeessuu | Maqaa qeenxee tokkoofi danuu tokko akka fakkeenyaatti fudhatee agarsiisuudhaan kan hafan immoo barattoonni gabatee kennameef keessatti akka qindeessa qajeelchuu | Fakkeenya kennamefirratti hundaa'uun, maqaalee gabatee keessatti dhiyaatan qeenxeefi danuutti qoduun qindeessuu | | 1 | Fakkeenya kennamefirratti hundaa'uun, maqaalee gabatee keessatti dhiyaatan qeenxeefi danuutti qoduu danda'uu isaanii hordofuun gargaaruu | Fakkeenya kennamefirratti hundaa'uun, maqaalee gabatee keessatti dhiyaatan qeenxeefi danuutti qoduu danda'uu isaanii gaaffii afaanii gaafachuun yaaddeebii kennuu | |

## Boqonnaa Ja’a: Sheekkoo (Wayitii 10)

### Kaayyoowwan

**Xumura boqonnaa kanaatti barattoonni:**

- ✓ odeeffannoo ijoof dhaggeeffatanii hubachuu nigonfatu;
- ✓ yaada ofii ifaafi bilisaan ibsachuu nidanda’uu;
- ✓ taatota seenessa tokko keessa jiran gahee isaanii niseenessu;
- ✓ himoota sasalphaa ijaaruu nidanda’u;
- ✓ jechoota taphaaf oolan adda baasuun itti fayyadamu.
- ✓ Maqibsii hanga agarsiisan adda baasu

| Ga’umsa | Qabiyyee | Haala dhiyeenyaa | Mala barachuufi barsiisuu | | MD | Yeroo | Hordoffiifi deegarsa | Madaallii | Yaad |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Ga’ee barsiisaa | Ga’ee barataa | | | | | |

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Odeeffan noo ijoof dhaggeeff achuu<br><br>Yaada ofii ibsachuu danda'uu | **Dhaggeeffachuufi dubbachuu** | Dubbisa seenessoo waa'ee bineensotaa ergaa dabarsu qajeelchaa barsiisotaa keessaaa dhiyeessuu<br><br>Ayyaana hawaasa keessatti kabajamu tokko fudhachuudhaan akkaataa kabaja ayyaanichaafi nyaata guyyaa ayyanichaa qophaa'u irratti akka mariyatan taasisuu | Barruu qajeelchaa barsiisotaa keessatti dhiyaate, dubisuufiidhaan, gaaffilee yoom?, eessa?, akkamitti?, maaliif?, maal?fi kkf niin wal qabatan kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatan dhuunfaafi gareedhaan akka deebisan haala mijeessuu<br>Ayyaana hawaasa keessatti kabajamu tokko fudhachuudhaan akkaataa kabaja ayyaanichaafi nyaata guyyaa ayyanichaa qophaa'urratti waan beekaan dura lama, lamaan, itti aansuudhaan immoo dareef akka dhiyeessan/himan qajeelchuu | Barruu dubbisameef qixa sirriin dhaggeeffachuun, gaaffilee yoom?, eessa?, akkamitti?, maaliif?, maal?fi kkf kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatan dhuunfaafi gareedhaan deebisuu<br>Ayyaana hawaasa keessatti kabajamu tokko fudhachuudhaan akkaataa kabaja ayyaanichaafi nyaata guyyaa ayyanichaa qophaa'urratti waan beekaan dura lama, lamaan, itti aansuudhaan immoo dareef dhiyeessuu | | 3 | Barruu dubbisameef qixa sirriin dhaggeeffatanii, gaaffilee yoom?, eessa?, akkamitti?, maaliif?, maal?fi kkf kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatan dhuunfaafi gareedhaan deebisuu danda'uu isaanii hordofuun deeggaruu<br>Ayyaanni hawaasa keessatti kabajamu tokko akkaataa itti kabajamufi nyaata guyyaa ayyanichaa qophaa'urratti waan beekan dura lama, lamaan, itti aansuudhaan immoo dareef dhiyeessuu danda'uu isaanii hordofuun deeggaruu | Barruu dubbisameef qixa sirriin dhaggeeffachuun, gaaffilee yoom?, eessa?, akkamitti?, maaliif?, maal?fi kkf kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatan dhuunfaafi gareedhaan deebisuu isaanii mirkaneessuu<br><br>Ayyaana hawaasa keessatti kabajamu tokko fudhachuudhaan akkaataa kabaja isaafi nyaata guyyaa ayyanichaa qophaa'urratti ibsa kenuu danda'uu isaanii mirkaneessuu | |
| | | | | | | | | | |

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Taatota seenessa tokko keessa jiran adda baasuu | **Dubbisuu** | Gilgaala dubbisa dur durii addunyaa dhugaa barattoonni keessa jiran waliin wal qabatan dhiyeessuu | Dubbisa dur durii kitaaba barattootaa keessatti dhiyaate dhuunfaadhaan erga dubbisaniin booda, ergaa dubbisichaarratti gareedhaan akka irratti mariyachuun gaaffilee dhiyaatan akka deebisan qajeelchuu | Dubbisa dur durii kitaaba barattootaa keessatti dhiyaate dhuunfaadhaan erga dubbisaniin booda, gareen irratti mari'achuudhaan gaaffilee gaafataman deebisuu | | 2 | Dubbisa dur durii kitaaba barattootaa keessatti dhiyaate dubbisuunii, hubachuudhaan gaaffilee gaafataman deebisuu danda'uu isaanii hordofuun deeggaruu | Dubbisa dur durii kitaaba barattootaa keessatti dhiyaate dubbisuunii, hubachuudhaan gaaffilee gaafataman deebisuu danda'uu isaanii gaaffii afaanii mirkaneeffachuudhaan yaaddeebii kennuu | |
| Himoota sasalphaa ijaaruu | **barreessuu** | Jechoota gosa adda addaa hima ijaaruuf gargaaraan kitaaba barattootaa keessatti dhiyeessuu | Jechoota kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatan keessaa tokko fakkeenya fudhachuudhaan agarsiisuun, barattoonnis haaluma walfakaatuun akka hojjetan haala mijeessuu | Fakkeenya kennamerratti hundaa'uudhaan jechoota kitaaba barattootaarratti kennamaniin himoota sasalphaa ijaaruu | | 3 | Fakkeenya kennamerratti hundaa'uudhaan jechoota kitaaba barattootaarratti kennamaniin himoota sasalphaa ijaaruu isaanii hordofuudhaan bakka hir'inni jirutti gargaaruu | Fakkeenya kennamerratti hundaa'uudhaan jechoota kitaaba barattootaarratti kennamaniin himoota salphaa ijaaruu danda'uu isaanii mirkaneessuun yaaddeebii kennuu | |
| Jechoota taphaaf oolan adda baasuu | **Fayyadama jechootaa** | Jechoota taphaaf oolan muraasa isaanii kitaaba barattootaarratti dhiyeessuu | Jechoota kitaaba barattootaarratti dhiyaatan akka fakkeenyaatti gargaaramuudhaan jechoota biroo akka.himan/barreessan qajeelchuu | Jechoota kitaaba barattootaarratti dhiyaatan akka fakkeenyaatti gargaaramuudhaan jechoota biroo himuu/barreessuu | | 1 | Jechoota kitaaba barattootaarratti dhiyaatan akka fakkeenyaatti gargaaramuudhaan jechoota biroo himuu/barreessuu danda'uu isaanii hordofuun deeggaruu | Jechoota kitaaba barattootaarratti dhiyaatan akka fakkeenyaatti gargaaramuudhaan jechoota biroo barreessuu danda'uu isaanii mmirkaneeffachuun yaaddeebii kennuu | |
| Maqibsa hangaa adda baasuu | **Caasluga** | Maqibsaalee hangaa adda addaa kitaaba barattootaa keessatti dhiyeessuu | Barattoonni Jechoota kennaman keessaa tokko akka fakkeenyaatti fudhaachuun jechoota maqibsa hangaatiin hima ittiin ijaaruun akka dhiyeessan qajeelchuu | Fakkeenya dhiyaaterratti hundaa'uudhaan jechoota maqibsa hangaa fayyadamanii hima ittiin ijaaru | | 1 | Fakkeenya dhiyaaterratti hundaa'uudhaan jechoota maqibsa hangaa fayyadamanii hima ittiin ijaaru danda'uu isaanii hordofuun bakka hir'inni jirutti gargaaruu | Fakkeenya dhiyaaterratti hundaa'uudhaan jechoota maqibsa hangaa fayyadamanii hima ittiin ijaaru isaanii mirkaneessuun yaaddeebii kennuu | |

# Boqonnaa Torba: Halluu (Wayitii 10)

## Kaayyoowwan

**Xumura boqonnaa kanaatti barattoonni:**

- ✓ taatteewwan seenessa dhaggeeffatan keessaa hubatanii fakkii isaanii nitartiibessu;
- ✓ halluuwwan jaallataniifi jibban adda baasanii ibsuu nidanda'u;
- ✓ himoota dubbisanii ergaa isaanii dalagaadhaan agarsiisuu nidanda'u;
- ✓ himoota sasalphaa irraa himoota dachaa nibarreessu;
- ✓ bamaqoota ramaddii sadan saalaafi lakkoofsaan adda baasanii nibeeku.

| Ga'umsa | Qabiyyee | Haala dhiyeenyaa | Mala barachuufi barsiisuu | | MD | Yeroo | Hordoffiifi deegarsa | Madaallii |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Ga'ee barsiisaa | Ga'ee barataa | | | | |

| | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Taatteewwan seenessa tokko keessa jiran hubatanii fakkii isaanii tartiibessuu<br><br>Halluuwwan jaallataniifi jibban adda baasanii ibsuu | Dhaggeeffachuufi Dubbachuu | Dubbisa seenessaa tokko qajeelchaa barsiisotaa keessatti dhiyeessuu<br><br>Halluuwwan adda addaa maqaafi bifa waliin tarreessuun kitaaba barattootaa keessatti dhiyeessuu | Seenessa tokko dubbisuun fakkii taatee seenichaa agarsiisan akka tartiiba sirriin teessisan qajeelchuu<br><br>Halluuwan dhiyaatan bifa jaalataniifi jibban ibsuu danda'uu isaanii adda baasuun akka walitti himan haala mijeessuu | Seenessa dhaggeeffachuun taateewwan achi keessaa fakkii isaaniitiin tartiibessuu<br><br>Halluu jaallataniifi jibban adda baasuun sababaa wajjiin waliif akkasumas dareef ibsuu | 3 | | Seenessa sana hubachuu isaanii adda baafachuun deeggarsa barbaachisu kennuu<br><br>Halluuwwaniifi maqaa isaanii adda baasanii agarsiisuun kanneen halluu gargar baasuu hindandeenyeef ibsa dabalataa kennuun deeggaruu | Tokkoo tokkoon fakkii taatee seenessichaa kam akka bakka bu'an adda baafachuu isaanii mirkaneeffachuun yaaddeebii kennuu<br><br>Halluuwwanfi maqaa isaanii beekuu isaanii gaafachuufi sababa halluwwan kaan jaallatanfi jibbaniif ibsuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuun yaaddeebii kennuu |
| Himoota dubbisanii ergaa isaanii dalagaadhaan agarsiisuu | Dubbisuu | Himoota adda addaa kitaaba barattootaa keessatti dhiyeessuu | Himoota adda addaa gareen ta'uun dubbisaa, ergaa himichaa gochaan akka agarsiisan fakkeenya kennuufiidhaan qajeelchuu | Fakkeenya dhiyaateef hordofuun himoota dubbisanii waan hubatan dalagaadhaan walitti agarsiisuu | | 2 | Ergaa himootaa sirriitti hubachuufi dalagaan agarsiisuu isaanii hordufuufi bakka isaan danqamanitti deeggarsa barbaachisu gochuufii | Himoota adda addaa dubbisanii ergaa isaanii hojiidhaan dareetti agarsiisuu isaanii mirkaneessuun yaaddeebii kennuu |

| | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Himoota sasalphaa irraa himoota dachaa barreessuu | **Barreessuu** | Himoota sasalphaa ta'an gabatee keessatti dhiyeessuu | Himooota sasalphaa ta'an walqabsiisuun himoota dachaa akka fakkeenyyatti barreesanii agarsiisuun, barattoonnis haaluma walfakkaatuun himoota gabatee keessa jiran qindeessanii akka barreessan qajeelchuu | Himoota sasalphaa gabatee keessatti dhiyaateef walqabsiisuun himoota dachaa barreessuu | | 3 | Seera afaanii eeguun himoota dachaa yeroo barreessan walitti hidhamiinsa yaadaa eeganii barreessuu isaanii hordofuun deeggaruu | Himoota sasalphaa dhiyeessuufiin walitti qabsiisuun himoota dachaa ergaa guutuu dabarsan barreessuu danda'uu isaanii mirkaneessuun yaaddaabii kennuu |
| Fakkii ilaaluun maqaa bineensotaa addaaan baasanii ibsuu | **Fayyadama jechootaa** | Fakkii bineensotaa adda baasanii akka ibsan taasisuu | Fakkii bineensotaa kennuun maqaasaanii addan baasanii akka waliif ibsan taasisu | Fakkiilee bineensotaa maqaadhaan adda baasanii ibsuu | | 1 | Fakkiilee bineensotaa maqaadhaan adda baasanii akka ibsan deeggaruu | Fakkiilee bineensotaa maqaadhaan adda baasanii ibsuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuun yaaddeebii kennuu |
| Bamaqoota ramaddii sadiitti saalaafi lakkoofsaan adda baasanii agarsiisuu | **Caasluga** | Namoota ramaddii isaanitiin bakka sadiitti dhiira/dhalaa, jechuun ramaduun fakkiidhaan dhiyeessuu | Namoota ramaddii sadiitti fakkiidhaan dhiyaatan saalaafi lakkoofsaan bamaqaa isaanii adda baasuun itti agarsiisuu | Fakkeenyaafi ibsa dhiyaaterratti hundaa'uudhaan namoota ramaddii sadiin dhiyaatan lakkoofsaafi saalaan adda baasanii ibsuu | | 1 | Ramaddii sadaniif barattoota daree keessaa adda baasuun saalaafi lakkoofsa isaanii ilaaluun bamaqaa isaanii akka himan gargaaruu | Bamaqaa ramaddiiwwan sadanii saalaafi lakkoofsaan adda baasanii ibsuu danda'uu isaanii mirkaneessuun yaaddeebii kennuu |

## Boqonnaa Saddeet: Iddoowwan (Wayitii 10)

### Bu'aalee Barachuu

**Xumura boqonnaa kanaatti barattoonni:**

- ✓ dubbisa dhaggeeffatanii waan hubatan fakkii ilaaluun ni'ibsu;
- ✓ seenaa jireenya isaanii odeeffannoo guutuu kennuun ni'himu;
- ✓ keeyyata dhiyaateef dubbisuun ergaa isaa ni'ibsu;
- ✓ himoota jalqabaman ergaa guutuu akka dabarsutti xumuruun nibarreessu;
- ✓ jechoota qaamolee lafaa ibsan fakkii ilaalanii nibarreessu;
- ✓ bamaqa abbeentaatiin qabeenya mataa isaaniifi kan hiriyoota isaanii ni'ibsu.

| Ga'umsa | Qabiyyee | Haala dhiyeenyaa | Mala barachuufi barsiisuu | | MD | Yeroo | Hordoffiifi deegarsa | Madaallii |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Ga'ee barsiisaa | Ga'ee barataa | | | | |

| | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Dubbisa dhaggeeffachuun hubannoo isaanii fakkii ilaaluun ibsuu<br><br>Seenaa jireenya isaanii odeeffannoo guutuu kennuun ibsuu | **Dhaggeeffachuufi Dubbachuu** | Dubbisa fakkii kitaaba barattootaa irra jiruun walqabatu qajeelchaa barsiisotaa keessatti dhiyeessuu<br><br>Moodeela seenaa jireenyaa nama beekamaa tokkoo kitaaba barattotaarratti dhiyeessuu | Dubbisa qajeelchaa barsiisotaa keessa jiru dubbisuufiin, barattootni akka qixa sirriitiin dhaggeeffatan haala mijeessuu<br><br>Moodeela seenaa jireenyaa nama beekamaa kitaaba barattotaarratti dhiyaate bu'uura godhachuudhaan, seenaa jireenyaa ofii isaanii akka walitti himan qajeelchuu<br><br>Seenaa jireenyaa ofii ilaalchisuun odeeffannoo guutuu dareedhaaf akka himan taasisuu | Dubbisicha qixa sirriitiin dhaggeeffachuun waan hubatan fakkii ilaaluun ibsuu<br><br>Fakkeenya kennamerratti hundaa'uudhaan,<br><br>Seenaa jirreenya isaanii akka fakkeenya dhiyaateetti waliif himuu | | 3 | Dubbisa dhaggeeffatan sirriitti akka hubataniif, sagalee ol kaasuun haalaan dubbisuufiin waan hubatan fakkiidhaan akka ibsan gargaaruu<br><br>Seenaa jireenya isaanii odeeffannoo guutuu qabu kennuun ibsuu isaanii hordofuun deeggaruu | Dubbisicha hubatanii fakkii isaatiin ibsuu danda'uu mirkaneeffachuufi yaaddeebii kennuu<br><br>Seenaa jireenya isaanii odeeffannoo guutuu kennuun dhiyeessuu isaanii mirkaneessuun yaaddeebii kennuu |
| Keeyyata dhiyaateef dubbisuun ergaa isaa himuu | **Dubbisuu** | Keeyyata gabaabaa kitaaba barattootaa keessatti dhiyaate qajeelchanii dubbisuun akka hubatan taasisuu | Ergaa keeyyataa dubbisuun akka hubatan haala mijeessuufi hubannoo isaanii gaaffiidhaan mirkaneessuu | Keeyyata dhiyaate dubbisuun gaaffii gaafatamaniif deebii kennuu | | 2 | Keeyyata gabaabaa dubbisan ergaasaa hubachuu isaanii hordofuun deeggaruu | Keeyyata dubbisan hubachuu isaanii mirkaneessuun yaaddeebii kennuu |

| | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Himoota jalqabaman ergaa guutuu akka dabarsanitti xumuruun barreessuu | **Barreessuu** | Himoota jalqabamanii itti hinxumuramin gara garaa dhiyeessuu | Himoota jalqabamanii osoo itti hinxumuramin jiran, guutuun akka itti xumuran fakkeenyota kennuun hojjechiisiisuu | Himoota jalqabaman ergaa guutuu akka dabarsanitti xumuruun ni barreessu | | 3 | Himoota jalqabaman guutaanii xumuruu akka danda'an qajeelchuufi gargaaruun gahoomsuu | Himoota jalqabamanii hinxumuramin hafan xumuruu danda'uu isaanii mirkaneeffachuu |
| Jechoota qaamolee lafaa ibsan fakkii ilaalanii ibsuu | **Fayyadama jechootaa** | Jechoota qaamolee lafaa ibsan fakkii isaanii waliin dhiyeessuu | Qaamolee lafaa fakkii isaanii waliin dhiyaatan akka adda baasanii walitti firoomsan taasisuu | Jechoota qaamolee lafaa ibsan fakkii isaanii waliin walitti firoomsu | | 1 | Fakkii qaamolee lafaa ilaalanii maqaa isaanii akka walitti firoomsuu danda'aniif haal mijeessuun gargaaruu | Iddoowwan qaama lafaa ta'an agarsiisuun maqaa isaanii himuu danda'uu isaanii mirkaneessuun yaaddeebii kennuu |
| Bamaqaa abbeentaatiin qabeenya mataa isaaniifi kan hiriyoota isaanii ibsuu | **Caasluga** | Bamaqaa abbeentaa ramaddiiwwan sadaniif fakkii gargaaramuudhaan dhiyeessuu | Bamaqaa abbeentaa gargaaramuun abbaa qabeenyummaa garagaraa ibsuu akka danda'aniif fakkeenya kennuun agarsiisuu | Fakkeenya kennameefirratti hundaa'uun, bamaqaa abbeentaatiin qabeenya mataa isaaniifi kan hiriyoota isaanii ibsuu | | 1 | Bamaqoota abbeentaatiin qabeenyota mataa isaaniifi kan namoota biroo ibsuu akka dandaaniif hordoffii taasisuun gargaaruu | Meeshaalee daree keessaa, akkasumas kan walii isaanii akka fakkeenyaatti fudhachuudhaan kan eenyuu akka ta'an gaafachuun hubannoo isaanii mirkaneessuun yaaddeebii kennuu |